YUUNVARSIITII SAAYINSIIFI TEKINOLOOJII ADAAMAA

DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAA BOODDEE

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA MEESHAALEE OTENTIKII AFAAN OROMOO BARSIISUU KEESSATTI: MANNEEN BARNOOTAA SAD.2FFAA GODINA ADDAA MAGAALAA ADAAMAATTI KUTAA 10FFAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**ASTEER W/SILLAASEE WAAQJIRAATIIN**

**WAXABAJJII 2016**

**ADAAMAA**

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA MEESHAALEE OTENTIKII AFAAN OROMOO BARSIISUU KEESSATTI: MANNEETII BARNOOTAA SAD.2$^{FFAA}$ GODINA ADDAA MAGAALAA ADAAMAATTI KUTAA 10$^{FFAA}$ FUULLEFFACHUUN

**ASTEER W/SILLAASEE WAAQJIRAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (M.A.) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAAYEE MUUMMEE AFAAN OROMOOF DHIYAATE**

**MANA BARUMSAA NAMOOMAA (HUMANITII)FI SEERAA,**

**YUUNVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKINOOLOOJII ADAAMAA**

**WAXABAJJII 2016**

**ADAAMAA**

YUUNVARSIITII SAAYINSIIFI TEKINOLOOJII ADAAMAA

DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAA BOODDEE

Waraqaa qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (M.A.) Aaan Oromoon Gamisaan Guuttachuuf **Asteer W/Sillaasee Waaqjiraatiin**, Mataduree: **'Itti Fayyadama Meeshaalee Otentikii Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti Manneen Barnootaa Sad.2ffaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaatti Kutaa 10ffaa Irratti kan Xiyyeeffate'** jedhuun kan qophaa'e ulaagaa yuunvaristiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa ____________________________ Mallattoo ______________ Guyyaa ______________

Qoraa ____________________________ Mallattoo ______________ Guyyaa ______________

Gorsaa ____________________________ Mallattoo ______________ Guyyaa ______________

_____________________________________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Axareeraa

Qorannoon kun barsiisonni Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa barsiisan afaanicha barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiitti (authentic materials) fayyadamuufi dhiisuu isaanii xiinxaluurratti xiyyeeffate. Ragaaleen qorannichaaf barbaachisan barsiisota Afaan Oromoo kutaa eerametti barsiisanii fi barattoota isaanii gaafachuun fi galmee sakatta'uudhaan funaanaman. Qaaccessi ragaalee meeshaalee funaansa ragaa eeramaniin funaanaman akka agarsiisanitti Kitaabni Barataa Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa barattoonni mata-duree tokko tokkorratti miseensota hawaasa naannoo tokko tokko waliin mari'achuun odeeffannoo argatan barreeffamaan dareef akka gabaasan gochuun gochaalee otentikii tokko tokko akka hojjetan taasisullee, odeeffannoo argatan barreeffamaan akka dhiyeessan gochuun ala waraabbidhaan akka dhiyeessan gochuudhaan otentikummaa caalmaatti hin jajjabeessu. Kana malees, kitaabichi barattoota qofa hawaasa naannootti erguun gochaalee otentikii tokko tokko akka raawwatan taasisuun alatti barsiisonni afaanichaa gochaaleefi meeshaalee otentikii akka qopheessanii itti fayyadaman hin taasisu. Akka qaaccessi ragaalee afgaaffiifi sakatta'iinsa karoora barnoota torbee agarsiisanittis barsiisonni Afaan Oromoo iddoo eerameefi kutaa eerametti afaanicha barsiisan meeshaalee otentikiitti fayyadamanii afaanicha hin barsiisan, barsiisuufis hin karoorfatan. Ittifayyadamuu dhiisuu isaaniitiif sababoota gurguddoo sadidhiyeessan:manneen barnootaafi biiroon barnootaa bajata meeshaalee otentikii qopheessuuf gargaaru ramaduu dhiisuu,waayee meeshaalee otentikiifi itti fayyadama isaanii irratti leenjii hubannoo kennuu dhiisuufi wayitiin ramadame gahaa ta'uu dhiisuudha. Kanaafuu, qaamoleen dhimmi ilaalu kunniin yeroofi bajata barbaachisu ramaduufi itti fayyadamaafi qopheessa meeshaalee otentikii irratti barsiisotaaf leenjii barbaachisu kennuun ittifayyadamni meeshaalee otentikii akka aadeffatamu gochuun barbaachisaadha.

Galata

Waraqaa qorannoo kana sadarkaa kanarraan gahuu kootiif duraan dursee Waaqayyo guddiseen galateeffadha. Itti aansuun gorsaa koo Dr. Silashii Biraanuu yeroo gahaa fudhachuun barreeffamaanis ta'ee afaaniin yaada naaf kennaniifi yeroo kenname keessattis akkan xumuruuf bilbilaan dabalatee na jajjabeessaniif galanni guddaan isaan haagahun jedha. Akkasumas Adde Hajjoo Kadiir, Itti Gaafatamtuu Waajjira Barnootaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaa, lakkoofsa manneen barnootaa, lakkoofsa barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa kanneen keessatti barsiisaniifi lakkoofsa barattootaa Kutaa 10^ffaa^ bara 2015/16 naaf kennuun na gargaaruu ishiitiif guddiseen galateeffadha. Kana malees, barsiistuu Taaddelechi Tulluu, barsiistuu Roomaan Huseen, barsiistuu Ijjigaayyoo Tafarraa, barsiistuu Warqee Yittaayi, barsiisaa Birruu Kabbadaa fi barsiisaa Alamuu Adinoo, odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu naaf kennuu biratti manneen barnootaa godinichaa keessatti haala naaf mijeessuun waan na gargaaraniif, baay'een isaan galateeffadha. Akkasumas Aadde Loomii Abarraa waraqaa qorannoo kanaa koompitara keessaa baasuufi baay'isuun na gargaaruu ishitiif guddiseen galateeffadha. Dhumarratti, abbaa manaa koofi ijoollee koo mara yeroon qorannoo kana geggeessu haala naaf mijeessuun na cinaa dhaabbatanii cimsanii na jajjabeessaniif galanni keessan guddaadhan jedhaan.

I

**Baafata**

**MatadureeFuula**


Axareeraa……………………………………………………………………………………..i

Galata……………………………………………………………………………………..ii

Gabatee Qabiyyee……………………………………………………………………...iii

BOQONNAA TOKKO:SEENSA ………..…… …………………………………………...1

1.1 Qindoomina Qorannichaa….…………………………………………………………1

1.2. Seenduubee Qorannichaa……………………………………………………………1

1.3. Hima Rakkoo Qorannichaa …………………………………………………………..3

1.4. Kaayyoolee Qorannichaa ……………………………………………………….…3

1.5. Faayidaa Qorannichaa ………..……………………………………………………...4

1.6. Daangaa Qorannichaa …..……………………………………………………………4

1.7. Hanqina Qorannichaa ………………..………………………………………………5

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A OGBARRUU ……………………...………...…6

2.1 Seensa ………………………………………………………………………………...6

2.2 Maalummaa Meeshaalee Otentikii ………………………………..…………………6

2.3. Sababoota Bu'uraa Barbaachisummaa Afaan Barsiisuu Keessatti Meeshaalee Otentikiitti Faayyadamuu………………………………………………………. ……9

2.4 Gayee Meeshaalee Otentikii Afaan Barsiisuu Keessatti …….…………..………………13

2.4.1. Falmiiwwan Itti Fayyadama Meeshaalee Otentikii Deeggaran ……………………14

2.4.2 Falmiiwwan Itti Fayyadama Meeshaalee Otentikii Hin Deeggarre …….……………15

2.5 Gosoota Otentikummaa (Types of Authenticity) ……………………………………..17

2.5.1. Otentikummaa barreeffamaa ykn dubbii barattoota keenyaaf akka cuuf-galiitti itti tajaajilamnuu ……………………………………………………………….....18

2.5.2.Otentikummaa akkaataa barattoonni meeshaa otentikiitti hiika kennanii…………......19
2.5.3.Otentikummaa Gochaalee Afaan Baruuf Mijatanii ……………………....……..……20
2.5.4.Otentikummaa haala qabatamaa hawaasummaa daree………………………………...22
2.6. Madda Meeshaalee Otentikii Afaan Barsiisuuf Gargaaranii ……………………….…23
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA ……………………………………………24
3.1. Akaakuu Mala Qorannichaa...…………………………..…………………………...24
3.2. Iddattoofi Iddatteessuu (Sample and Sampling Techniques) ……...……….………….…..24
3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ……………………….……………………………….…25
3.3.1. Sakatta'iinsa Galmee …………………………………… ……………………25
3.3.1.1. Sakatta'iinsa Kitaaba Barataa……………..…….…………………….……..…25
3.3.1.2. Sakatta'iinsa Karoora Barnoota Torbee….………….………………..……..25
3.3.2. Afgaaffii ………………………………………..…..…………………..……...26
3.3.2.1. Afgaaffii Barsiisotaaf …………………….….…………………..……26
3.3.2.2. Afgaaffii Barattootaaf ……………………..……………………..……...27
3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee …….……………….…...……………………..…….…..27
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAA FI QAACCESSA RAGAALEE …….……………..……29
4.1. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Sakkatta'iinsa Galmee ……….……………….......…....29
4.2. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Sakatta'iinsa Kitaaba Barataa ..…………………………29
4.3. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Sakatta'iinsa Karoora Barnoota Torbee …..…………35
4.4. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii…………………..……………..…….……38
4.4.1. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Barsiisaa …...…………………….…….38
4.4.2. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Barataa …..…………………….……...41
BOQONNAA SHAN: XUMURA ……………………………………………………….…....44
5.1. Argannoowwan………… …..…………………………………………………………44
5.2. Yaboo …………………...……………………………………………………….….46

Wabiilee……………………………………………………………………………..……..49

Miiltoowwan (Appendixes)……………………………………………………..…….51

A) Guca Sakatta’iinsa Kitaaba Barataa ……………………………………………………….53

B) Guca Sakatta’iinsa Karoora Barnoota Torbee ……………………………….…………58
C) Afgaaffii Barsiisaaf Dhiyaate …………………………………………………..……….54

D)Afgaaffii BarataafDhiyaate….…………………………………………………..……..….56

# BOQONNAA TOKKO

SEENSA

## 1.1 Qindoomina Qorannichaa

Waraqaan qorannoo kun barsiisonni Afaan oromoo afaanicha barsiisuu keesssatti meeshaalee otentikiitti (authentic materials) fayyadamuufi dhiisuu isaanii argachuurratti xiyyeeffate. Boqonnaan duraa kun barbaachisummaa qorannichaa ifa taasisuudhaan jalqaba. Itti aansuun kaayyoolee qorannichaa kaa'ee faayidaa/ bu'aa qorannichaatiin itti fufa. Achumaan, daangaa qorannichaa dhiyeessee hir'ina qorannicha geggeessuu keessatti mudateen xumura.

## 1.2. Seenduubee Qorannichaa

Sagantaa barnootaa afaanii kamiyyuu keessatti meeshaaleen barnootaa wanta hafuu hindandeenyefi kan bu'uraati. Meeshaaleen barnootaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaatti kan daanga'u osoo hinta'in, meeshaalee adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gargaaran mara dabalata (Richards, 2001). Isaanis kanneen akka barreeffamoota maxxanfaman (printed materials), waraabbii arga-dhageettii (audio-visuals), fi kanneen koompitara keessaa sarara Interneetirraa argannu mara dabalatu. Meeshaaleen barnootaa wantoota hojii baruufi barsiisuu keessatti barsiisaan itti fayyadamu mara jechuudha.

Meeshaaleen barnootaa kunniin, meeshaalee 'otentikii' ykn kanneen akkuma hawaasa keessatti itti fayyadamnutti jiran (authentic materials)fi meeshaalee dhimma barsiisuutiif kalaqaman (created materials) jedhamuudhan bakka lamatti qooddamu. Meeshaalee otentikiin meeshaalee dhimma baruufi barsiisuuf itti yaadamanii qophaa'an osoo hinta'in, kanneen jiruufi jireenya hawaasaa keessatti tajaajilan kan akka: iyyannoo, galaalchaa, xalayaalee, barruulee, viidiyoo

adda addaafi kkf dabalatu. Meeshaaleen kalaqaman immoo kanneen dhimma baruufi barsiisuutiif itti yaadamanii qophaa'an kan akka siilabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa dabalatu.

Meeshaalee otentikiin qooqa jiruufi jireenya keessatti tajaajilu akkuma jirutti gola barnootaatti fiduudhaan qooqa jiruuf jireenya keessatti itti tajaajilamnuuf caalaatti waan nu qopheessaniif meeshaalee kalaqaman caalaa filatamoodha jedhamanii amanamu (Allwright, 1981). Keessumattuu, hayyuun Allwright jedhamu kun afaan barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiitti malee meeshaalee kalaqamanitti fayyadamtanii afaan hin barsiisinaa hamma jedhutti deema. Hayyuun kun meeshaaleen barnootaa kalaqaman afaan barsiisuu keessatti gayee gadaanaa qabaachuu isaanii agarsiisa. Hayyuuleen biroos ciminoota meeshaalee otentikii ni fudhatu (Phillips & Shettlesworth 1978; Clarke 1989; Peacock 1997). Ciminoonni meeshaalee otentikiin ittiin beekkamanis: barattoota sissi'oomsuu, wantoota aadaa afaan barsiisamuu keessa jiran kutaatti fiduu, afaan akkuma hawaasa keessa jirutti wayita tajaajilu barattoota agarsisuu, waan baratamuufi waan hawaasa keessa jiru walqabsiisuun fedhii barattootaa hawwachuu, barsiisaa daangessuu dhiisuun kalaqummaa jajjabeessuu hayyuuleen eeraman kunniin ni tarreessu. Hayyuuleen kunniin ciminoota meeshaalee otentikii wayita tarreessan, hir'inoota meeshaaleen kunniin qabanis hin dhoskine. Meeshaalee otentikiin jechoota hinbarbaachisneefi ciccimoo barattoota qofatti osoo hinta'in barsiisaattillee ulfaatan of keessaa qabaachuu kan danda'aniifi barsiisaatti hojii kan dabalan ta'uu isaanii eeru.

Meeshaaleen kalaqamanis ciminaafi hir'ina mataa isaanii kan qaban ta'uun dagatamuu hin qabu. Cimina isaanii ilaalchisee Clarke (1989:79) akka armaan gadiiti kaa'a: "Meeshaaleen kalaqaman meeshaalee otentikii irraa hojjetamuu waan danda'aniif, isaanis barattoota ni sissi'eessu; meeshaaleen kalaqaman siilabasii salphaarraa gara cimaatti tartiiba'erraa waan hojjetamaniif, wantoota barsiisamuu qaban mara hammatu" jedha. Haata'u malee, meeshaaleen kalaqaman

qooqa jiruufi jireenya keessaa guutumaan guutuutti kan hincalaqqisiisne ta'uun beekkamaadha. Kanarraan kan ka'e, meeshaalee otentikii mara kutaatti fiduunis rakkisaa waan ta'uuf, meeshaalee gosa lamaanituu akkuma barbaachisummaa isaaniitti itti fayyadamuun barbaachisaa ta'uun ni amanama.

Kanaafuu, afaan barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiifi meeshaalee kalaqaman lameen hamma danda'ametti bakka barbaachisutti fayyadamuun nurraa eeggama jechuudha. Haata'u malee, biyya keenya keessatti meeshaalee kalaqaman malee meshaalee otentikiin Afaan Oromoo barsiisuu keessatti waan iddoo qaban hinfakkaatu. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas meeshaalee otentikiin Afaan Oromoo barsiisuu keessatti hammam gayee akka qaban xiinxaluufi itti fayyadama isaaniirratti hanqinni yoo jirates madda isaa xiinxaluudha.

## 1.3. Ka'umsa Qorannichaa

Akkuma seenduubee qorannichaa keessatti kaasuun yaalame, afaan barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiittis ta'ee meeshaalee barnootaa kalaqamanitti fayyadamuun barbaachisaadha. Haata'u malee, muuxannoo barsiisuu yeroo dheeraa qorattuun qabdurraa ka'ee, meeshaalee otentikiin Afaan Oromoo barsiisuu keessatti waan fuulleffannoon cimaan itti kenname hin fakkaatu. Ta'us, barsiisonni itti fayyadaman jiraachuu malu. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti meeshaalee otentikiin Afaan Oromoo barsiisuu keessatti hammam gayee akka qaban xiinxaluudhan hubannoo cimsuufi haala hojiirra oolmaa isaarrattis yaada ogeessaa maddisiisuun barbaachisaadha. Qorannoon kunis hir'ina beekumsaafi ogummaa (knowledge and skill gap) kana guutuurratti xiyyeeffata.

## 1.4. Kaayyoolee Qorannichaa

Kaayyooleen qorannoo kanaa qabxiilee sadeen gaditti eeramanirratti fuulleffate:

- Adeemsa baruufi barsiisuu Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa keessatti ittifayyadamni meeshaalee otentikii maal akka fakkaatu xiinxaluu;
- Hanqinoota jiran sababoota isaanii waliin ibsuu;
- Hanqinoota hubatamaniif immoo yaada furmaataa eeruu.

1.5. Faayidaa Qorannichaa

Bu'aan qorannoo kanaa: qopheessitoota sirna barnootaa, barsiisota, barattootafi akkuma waliigalaatti biyyaaf baay'ee barbaachisaa ta'a.

Warra sirna barnootaa qopheessaniif barsiisonni Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa Afaan Oromoo sadarkaa eerame kana barsiisuu keessatti meeshaalee otentikii itti fayyadamuufi dhiisuu isaanii ilaalchisee ragaa barbaachisaa waan argamsiisuuf, ragaa kanarratti hundaawuun barsiisotaaf qajeelfamaafi leenjii barbaachisu akka kennaniif gargaara.

Barsiisonnis meeshaalee otentikii haala barbachisuun itti fayyadamuufi dhiisuu isaaniirratti calaqqee waan argataniif, itti fayyadama meeshaalee kanneeniirratti akka of sirreessaniif isaan tajaajila.

Bu'aan qorannoo kanaa barattootas guddaa tajaajila; barattoonni kaayyoo barnootaa gahumsaan akka gonfatan isaan taasisa. Barattoota gahumsaan kaayyoo barnootaa gonfachiise jechuunimmoo, guddina hawaasaatiifis gumaacha qabatamaa godhe jechuudha. Kanaafuu, barbaachisummaan bu'aa qorannoo kanaa guddaadha.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun manneetii barnootaa sadarkaa lammaffaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaatti argaman keessaa Kutaa 10ffaatti daanga'e. Godina Addaa Magaalaa Adaamaa keessa manneettii

barnootaa sadarkaa lammaaffaa ja’atu argama. Isaanis: Mana Barumsaa Sadarkaa $2^{\text{ffaa}}$ Gooroo, Mana Barumsaa Adaamaa Sadarkaa $2^{\text{ffaa}}$, Mana Barumsaa Sadarkaa $2^{\text{ffaa}}$ Dambalaa, Mana Barumsaa Sadarkaa $2^{\text{ffaa}}$ Adaamaa Boosat, Mana Barumsaa Sadarkaa $2^{\text{ffaa}}$ Burqaa Bokkuufi Mana Barumsaa Sadarkaa $2^{\text{ffaa}}$ Adaamaa Lak.3 dha. Meeshaalee barnootaa gosa adda addaa keessaayis ittifayyadama meeshaalee otentikii xiinxaluutti daanga’a.

## 1.7. Hir’ina Qorannichaa

Hir’ina yeroofi baajataa irraan kan ka’e, qorannoon kun manneetii barnootaa sadarkaa lammaffaa Kutaa $10^{\text{ffaa}}$ Godina Addaa Magaalaa Adaamaatti daanga’uu isaarraan kan ka’e argannoon qorannoo kanaa kan waliigalaa hin taane taasisa. Haata’u malee, bu’aan qorannichaa qorattoonni biroo qorannoo bal’aa gadi fageenyaa akka irratti geggeessaniif karaa saaqa.

# BOQONNAA LAMA

# SAKKATTA’A OGBARRUU

## 2.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti ogbarruu mata-duree qorannoo kanaatiin walitti-dhiyeenya qaban adda addaa sakatta’uun yaalameera. Qabxiilee ijoon sakatta’aman maalummaa meeshaalee otentikii, gosoota otentikummaa, sababoota bu’uraa barbaachisummaa afaan barsiisuu keessatti meeshaalee Otentikiitti faayadamuu, gayee meeshaalee otentikiin afaan barsiisuun taphatanfi madda meeshaalee otentikii irratti xiyyeeffatu.

## 2.2 Maalummaa Meeshaalee Otentikii

Hiikkaawwan meeshaa otentikiif kennaman hedduudha. Kanaafis sababa guddaa kan ta’e ‘Otentikummaan’ (authenticity) mataa isaatiin bifa tokkoon hubatamuu dhabuu isaati. Hayyuun Widdowson (1996:30) jedhamu yaada kana ilaalchisee “Authenticity … is a term which creates confusion because of a basic ambiguity” jedha. Kana jechuunis jechi otentikummaa jedhamu kun rakkina bifa tokkoon hubatamuu dhabuu irraan kan ka’e waldhayiinsa yaadaa namatti uuma jechuudha. Sababa otentikummaan bifa tokkoon hin hubatamniif hiikkaawwan meeshaa otentikiif kennaman heddummatanillee, hiikkawwan kennaman tokko tokkoon ilaaluun qabxii ijoo isaan waliin qaban irra ga’uunifi hiikkaa meeshaa otentikii dhimma qorannoo kanaatiif ta’u (operational definition) kennuun barbaachisaadha. Kanaafuu, hiikkaawwan hayyuulee adda addaatiin kennaman tokko tokkoon ilaaluun yaalameera.

Hayyuun Swarbick (1994:5) jedhamu meeshaa otentikii yemmuu hiiku akkana jedha “Othentic material is a text that was created to fulfill some social purpose in the language community in

which it was produced”. Kana jechuunis meeshaa otentikiin barreeffama ykn dubbii (text) hawaasni dubbii (language communitity) tokko dhimma hawaasummaa isaatiif itti fayyadamuuf qopheeffatedha jechuudha. Hayyuun Peacock (1997:20) jedhamus “[They] refer to materials that have been produced to fulfill some social purpose in the language community” jechuudhaan haaluma wal fakkaatuun hiika. Kana jechuunis, meeshaalee otentikiin meeshaalee hawaasa afaanii tokko keessatti dhimma hawaasummaa tokko guutuuf uummamanii jechuudha. Hiikkaan hayyuun Harmer (1991) jedhamu kennus kanneen olitti eeramaniin walitti dhufeenya guddaa qaba. Hayyuun kunis (Harmer, 1991:30) “Othentic materials are seen as texts which are designed for native speakers, real texts designed not for language students” jechuun hiikti. Kana jechuunis meeshaalee otentikiin barreeffamoota ykn dubbiiwwan barattoota afaaniitiif qophaa’an osoo hin taane, barreeffamoota ykn dubbiiwwan dhugumaan ykn qabatamaadhaan warra afaanicha akka afaan dhalootaatti dubbataniif qophaayedha jechuudha. Hayyuun Morrow (1977:40) jedhamus “An authentic text is a stretch of real language, produced by a real speaker or writer for a real audience and designed to convey a real message of some sort” jechuudhaan hiika. Kana jechuunis barreeffamni ykn dubbii otentikiin barreeffama ykn dubbii dubbattoonni ykn barreessitoonni afaan tokkoo dhaggeeffattoota ykn dubbistoota isaaniitiif ergaa wayii dabarsuufiif qabatamaadhaan qopheeffatani jechuudha.

Hiikkawwan olitti ilaallaman kunniin qabxii waliinii guddaa tokko qabaachuu isaanii hubachuun barbaachisaadha. Innis meeshaa otentikiin meeshaa dhimma afaan barsiisuutiif itti yaaddamee qophaawu osoo hin ta’in, kan hawaasni dubbii ykn hawaasni afaan tokko dubbatu jiruuf jireenya keessatti dhimma itti ba’uuf qopheeffatu ta’uu isaati. Yaanni kun hiikkaawwan hayyuuleen itti aanan kennan keessatti caalaatti ifa ba’ee mul’ata. Hayyuun Underwood (1989:25) jedhamtu hiikkaa ishii kan meeshaalee otentikii dhaggeeffachuutiif kennite keessatti gaaleewwan ykn

ciroowwan itti aanan fayyadamti: ‘dubbii jiruufi jireenya keessaa (real life speech)’, ‘kan dhimma afaan barsiisuutiif itti yaaddamee hin qophaayin (not specially designed for foreign learners)’, ‘haasawa qabatamaa ykn uumamaa (natural conversation)’, ‘waan uummanni jiruufi jireenya dhugumaa keessatti qabatamaan jedhan (what people say in real life)’, ‘waan hawaasni dubbii afaan tokkoo wayita waliin dubbatan jedhan (what native speakers say when talking to each other)’. Gaaleewwaniifi ciroowwan hayyuun tun itti fayyadamte kanneen keessaa meeshaalee otentikiin kanneen dhimma afaan barsiisutiif qophaayan osoo hin ta’in, kanneen jiruufi jireenya keessatti dhimma itti ba’uuf fayyadamanu ta’uu caalaatti hubanna. Hiika Field (2008) kenne kan “…recordings of people speaking naturally and without the purposes of language learning in mind” jedhu keessaayis kanuma hubanna. Hiikkaan Field kenne kun meeshaalee otentikiin waraabbiiwwan dubbii ummataa kanneen dhimma afaan barsiisuuf itti yaadamee dubbataman osoo hin taane uumamumaan waliin haasawaaf dubbatanidha jechuudha. Hayyuun Tomlinson (1998) jedhamu immoo “… a text which is not written or spoken for language teaching purposes” jechuudhaan meeshaa otentikiin kan afaan barsiisuuf itti yaadamee hin dubbatame ykn hin barreeffame ta’uu nu hubachiisa. Hayyuun Cunningworth (1984:14) jedhamus “… materials (texts) originally used in real situations and were not designed for use in language teaching” jechuudhaan ibsa. Kana jechuunis meeshaalee otentikiin dubbiiwwan ykn barreeffamoota afaan barsiisuuf hin qophaayin, kanneen hawaasa keessatti haala qabatamaan tajaajilan jechuudha. Hayyuun kun faayidaa meeshaalee otentikiis yemmuu ibsu, “Such materials are used in the classroom, to expose the learners to real language use” jedha (Cunningworth 1984:15). Ibsa isaa kana keessatti meeshaalee otentikiin barattoota itti fayyadama afaanii kan jiruufi jirenya keessaatti mul’atuun kan wal barsiisu ta’uu agarsiisa. Hayyuun kun (Cunningworth, 1984) meeshaalee otentikiin oduu, tikeeta konkolaataa, xalayaalee, beeksisoota,

waraabbiiwwan oduu, dhaamsota buufata xiyaaraafi kkf "… examples of such materials include newspaper articles, train ticket, letters, advertisements, recording of the news, air port announcements, etc." akka fakkeenyaatti kan dabalatan ta'uus barreesseera.

Qorannoo kana keessattis meeshaa otentikii jechuun dubbii ykn barreeffama hawaasni dubbii tokko jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma itti ba'uuf fayyadame, kan afaan barsiisuuf itti yaadamee hin qophaayin, garuu kan afaan barsiisuuf itti dhimma ba'uu dandeenyu jechuudha.

## 2.3. Sababoota Bu'uraa Barbaachisummaa Afaan Barsiisuu Keessatti Meeshaalee Otentikiitti Faayadamuu (Rationales for Using Authentic Materials in Teaching Language)

Maloonni afaan barsiisuu baroota 1970 dura tajaajilaa turan afaan akka tuuta seerotaa tokko tokkoon wal jalaa baratamaa deemuutti ilaalaa waan turaniif, meeshaaleen afaan barsiisuu isaan itti fayyadamaa turanis seerota afaanii giddu-galeeffachuun itti yaadamanii kan qophaawan (contrived or created materials) turan. Barattoonni meeshaalee afaan barsiisuuf kalaqamanitti fayyadamanii baratan seerota afaanichaa beekanillee, wayita hawaasa afaanichatti fayyadamu keessa galan afaanichatti fayyadamuun waliigaluu irratti hir'ina guddaa agarsiisaa turan.

Baroota 1970 jalqabee garuu afaan akka tuuta seerotaatti ilaaluun hafee akka meeshaa waliigalteetti ilaaluun jalqabame. Kana irraan kan ka'e afaan barsiisuun seerota afaanichaa kophaatti baasanii tokko tokkoon barsiisuu ta'uun hafee, dhimma waliigalteetiif itti tajaajilamaa dhawaata seerota afaanichaa akka baratan gochuu ta'uu akka qabu irratti waliif galamaa dhufe. Yaadni otentikummaas kan dhufe baroota 1970 keessa Mala Afaan Barsiisuu Waliigalteetiin (Communicative Language Teaching) walqabateeti. Malli afaan barsiisuu kun barattoonni afaan lammataas akkuma afaan dhalootaa itti fayyadamaa ykn dhimma waliigalteetiif itti tajaajilamaa adeemsa keessa baratu jedhee fudhata. Kanarraan kan ka'e, meeshaaleen afaan barsiisuuf ooluu

qabanis kan barattoota itti fayyadama afaan saniitiif isaan kakaasu ta'uu qaba jedhamee hubatama. Meeshaaleen akkanaa waanuma hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma waliigalteetiif itti fayyadamu waraabuun barattoonni isuma akka fayyadan godhu. Kanaaf, sababni dhufaatii meeshaalee otentikii kanaan wal qabata. Hayyuun Wilson (2008:50) jedhamu yaada sababa dhufaatii meeshaalee otentikii wayita ibsu, "… 'live texts', unlike their pedagogically contrived counterparts, provide meaningful exposure to the language as it is actually used in real world" jedha. Kana jechuunis meeshaalee otentikiin akka meeshaalee kalaqamanii osoo hin taane barattoota itti fayyadama afaanii kan akka jiruufi jireenya isaa keessatti hawaasni itti fayyadamuutti baasuun itti fayyadama afaanii hiika-qabeessa ta'e keessa isaan galcha jechuudha.

Hayyuun Mishan (2005:1) jedhamu, kan waayee otentikummaa irratti gabaasa marii bal'aa kenne, bu'ura barbaachisummaa meeshaalee otentikii afaan barsiisuu keessatti itti fayyadamuu gadi fageenyaan ibsa. Hayyuun kun dhufaatii otentikummaatiif ka'umsi guddaan dhufaatii Mala Afaan Barsiisuu Waliigaltee biratti dhufaatii malleen afaan barsiisuu biroo kan akka malleen afaan barsiisuu meeshaalee barnootaa bu'ureeffatanii (material-focused approaches)fi malleen afaan barsiisuu namummaa (humanistic approaches)ti jedhee amana (He believes that material-focused approaches and humanistic approaches besides the communicative one are the basis for the notion of authenticity in language teaching). Malleen afaan barsiisuu gosoota sadeenii kanneen keessatti otentikummaan akkamitti akka barbaachisu irrattis hayyuun kun akkana jedha:

> *shifting through the history books reveals many precedents for authenticity in language learning, and these can be seen to fall in three groups: 'communicative approaches' in which communication is both the objective of language learning and the means through which the language is taught, 'materials-focused approaches', in which learning is centered principally round the text, and 'humanistic approaches' which address the whole learner and emphasize the value of individual development (Ibid).*

Waraabbii kana keessaa Malli Afaan Barsiisuu Waliigaltee waliigaltee (communication) akka kaayyoo afaan barachuufi akka adeemsa ykn karaa afaan barsiisuutti kan fudhatu ta'uu isaa; malleen afaan barsiisuu meeshaalee barnootaa bu'ureeffatan keessatti afaan barachuuf meeshaa barnootaa fkf. barreeffama seenaa, dhimma dinagdeefi kkf irratti xiyyeefachuun kan barbaachisu ta'uufi; malleen afaan barsiisuu namummaa keessatti immoo barattoota giddugaleeffachuun ykn akka 'namaatti' (iddoonifi ilaalchi gaariin kennameefii) isaan ilaaluun waliin haasawaa tokko tokkoon isaan cimsuu kan barbaachisu ta'uu hubanna. Malleen afaan barsiisuu kunniin kaayyoon isaanii barattoonni afaan beekanii akka ittiin namaan walii galan gochuu ta'ullee, marti isaanituu dursa itti fayyadama afaaniitiif dursa kennuun barattoonni afaanichatti dhimma adda addaatiif fayyadamaa adeemsa keessa dandeettii afaanichaa akka cimsatan jajjabeessu. Barattoota itti fayyadama afaaniitti kan geessu immoo meeshaalee otentikiidha (waraabbiifi barreeffama waan hawaasni jiruufi jireenya keessatti itti fayyadamaniiti).

Itti dabaluunis Mishan (2005) meeshaalee otentikiitti fayyadamuun afaan barsiisuun kan barbaachisuuf meeshaaleen akkasii aadaa dubbattoota afaan tokkoo barattootaaf dhiyeessuun, mata-duree ammayyaa barattoonni irratti yaadaan walfalman fiduun akka isaan keessa isaanitii fedhiidhaan afaanichatti fayyadaman waan taasisuufi jedha. Yaada kana akka inni ibsetti ilaaluun yoo barbaachise kunooti:

> *In addition, Mishan (2005:2) claims that the central pedagogical rationale for using authentic materials in FL teaching stems from what is called 'the 3 C's' which stand for culture, currency and challenge. He explains that culture, in that authentic texts incorporate and represent the culture of speakers of target language; currency, in that authentic text offers topics and language in current use, as well as those relevant to the learners; challenge, in that authentic texts are intrinsically more challenging yet can be used at all proficiency levels.*

Yaada Mishan kana biratti hayyuun Kirashen (1985:16) jedhamus mala-dhaya isaa 'Input Hypothesis' jedhamu, kan yaada afaan baruufi barsiisuu keessatti hamma ammaatti iddoo guddaa

qabu, keessatti itti fayyadama meeshaalee otentikii afaan barsiisuu keessatti cimsee deeggara. Akka mala-dhaya kanaatti namni dandeettii afaanii kan horatu ergaawwan afaanichaan darban hubachuudhani. Yaada kana jechoota isaa irraa caalaatti hubachuuf akka gargaaruuf, waraabbiin yaada isaa gabaabumatti kunooti: "…humans acquire language by understanding messages or receiving comprehensive input" (Kirashen 1985:16). Ergaawwan kunniin garuu kanneen sadarkaa cimina sammuu namichaatti hubatamuu danda'an (comprehensible input) ta'uu qabu. Kirashen barbaachisummaa ergaa hubatamuu danda'uu (comprehensible input), ykn cuuf-galii haa jennuun, cimsee dubbata. Cuuf-galiin kan argamu sadarkaan afaan nuti itti fayyadamnuu kan sadarkaa barataan hubachuu danda'uurra xiqqoo yoo caaledha. Yaadichi jechoota Kirasheniin kunooti: "The idea of comprehensible input stresses the importance of exposure to the appropriate language data slightly beyond learners' current level of understanding" (Kirashen 1985:.20). Sadarkaan afaan dhaamsi tokko ittiin barreeffamee ykn dubbatamee kan sadarkaa barataan hubachuu danda'uurra xiqqoo osoo caaluu ergaa afaanichaan darbu hubachuun kan danda'amu beekumsa afaanii dursinee horannetti, beekumsa addunyaa kanaa dursinee horannerrattiifi bakka galmaatti (context) fayyadamuuni. Barattoonni cuuf-galii yoo hin argatin afaan dafanii hin baratan "…if the learner is lacking access to it, there may be severe delays on his/her language" jedha (Ibid.). Faayidaan cuuf-galiin afaan barachuu keessatti qabu yoo fudhatame, barbaachisummaan meeshaalee otentikiis fudhatama qabaachuun isaa waan wal nama falmisiisu miti. Iddattoowwan otentikiin afaanii meeshaalee filatamoo barattoota cuuf-galii argachiisu ta'uu isaanii hayyuun biraa Byrne (1987:42) jedhamus cimsee dubbata. Hayyuun kun afaan isaatiin akkana jedha: "Authentic language samples are considered to be the most preferable materials which provide learners with such language input".

Hayyuun biraa kan Hedge (2000) jedhamu immoo barbaachisummaa meeshaa otentikii bifa biraatiin ilaala. Akka hayyuu kanaatti barattoonni meeshaalee kalaqaman qofatti fayyadamanii afaan baratan afaan nam-tolchee (unnatural language) malee afaan uumamaa (natural language) dhagawuuf ykn dubbisuuf kaka'umsa hin horatan. Kanaafuu, barattoonni akkuma uumamaatti (naturally) akka waliigaluun afaan baratan yoo barbaachise, kutaa keessatti waliigaltee uummamaa keessatti hirmaachuun adeemsa keessa afaanicha barachuu qabu jedha Hedge.

Gabaabumatti, itti fayyadamni meeshaalee otentikii afaan barsiisuu keessatti erga jalqaba baroota 1970 tii kaasee hmma ammaatti jajjabeeffamaa jira. Dhufaatiin barbaachisummaa itti fayyadama meeshaalee kanneenii dhufaatii malleen afaan barsiisuu jabanaa kanneen yaada afaan itti fayyadamuudhaan adeemsa keessa baratama malee seerota isaa kophaatti baasanii barachuun hin baratamu jedhurratti hundeeffamaniitiin wal qabata. Malleen afaan baruufi barsiisuu kunniin afaan baruufi barsiisuu keessatti itti fayyadama meeshaalee otentikii murteessaa taasisu. Kanaafuu, afaan baruufi barsiisuu keessatti itti fayyadamni meeshaalee otentikii sababoota quubsaa waan qabuuf, hojiirra ooluu qaba jechuun jala muranii kaa'uun ni danda'ama jechaadha.

## 2.4 Gayee Meeshaalee Otentikii Afaan Barsiisuu Keessatti

Yeroo ammaa kana afaan barsiisuu keessatti barbaachisummaan itti fayyadama meeshaalee otentikii dabalaa dhufeera. Barsiisonni hedduun faayedaa meeshaalee otentikiitti fayyadamuun afaan barsiisuun qabu hubataniiru. (Wong et at. 1995). Meeshaalee otentikiin gochaalee afaan barsiisuuf tajaajilan karoorfachuufi itti fayyadamuuf madda gaarii ta'aa jiru. Akka Wong et al. (1995) kaa'anitti meeshaalee otentikiin afaan barachuufi itti fayyadamuuf muuxannoo gaarii barattoota horachiisu, afaanicha hawaasa keessatti itti fayyadamuuf kaka'umsa barattoota keessatti hora, tooftaalee afaanicha qofa osoo hin taane akaakuuwwan barnootaa biroos

barachuuf gargaaran gonfachiisa. Meeshaalee otentikiin carraa afaan hawaasni jiruufi jireenya keessatti itti fayyadamu keessa barattoota galchuu uumuudhaan barattoonni afaanichaafi itti fayyadama isaa akka danda'an taasisuun tajaajila.

Haaata'u malee, barbaachisummaan meeshaalee otentikiitti fayyadamuun afaan barsiisuu hubatamaa jiraatullee, hayyuuleen itti fayyadama isaaf falman akkuma jiran, hayyuuleen faallaa isaa dhaabbachuun falmanis ni jiru. Itti aansuun waan hayyuuuleen itti fayyadama meeshaalee otentikii deeggaruun falmaniifi itti fayyadama isaa deeggaruu diduun falman jedhan ilaalla.

### 2.4.1 Falmiiwwan Itti Fayyadama Meeshaalee Otentikii Deeggaran (Arguments for Using Authentic Materials)

Barsiisonniifi qorattoonni baayyeen meeshaalee otentikiitti fayyadamuun afaan barachuufi barsiisuun heddu barbbaachisaa ta'uu isaarratti waliigalu. Hayyuuleen tokko tokko faayedaawwan meeshaalee otentikiitti fayyadamuun afaan barsiisuun qabu faayedaawwan meeshaalee kalqamanitti fayyadamuun afaan barsiisuun qabu waliin wal bira qabanii ilaalu. Fakkeenyaaf, hayyuuleen Richards (2001) keessatti wabeeffataman kan akka Philips & Shetlesworth (1978), Peacock (1997)fi, Clarke (1989) afaan barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiin meeshaalee kalaqaman caalaa faayedaa kan qaban ta'uu barreessu. Hayyuuleen kunniin meeshaalee otentikiin hamilee barattootaa kakaasa, aadaa afaan baratamuu barattoota barsiisa jedhu. Hayyuun Kilickaya (2004) jedhamu barattoota aadaa afaan baratamuu hubachiisuun afaanicha barachuu irratti gayee guddaa kan qabu ta'uu jala sararuun gayee meeshaalee otentikiin gama kanaan qaban nama hubachiisa. Hayyuuleen eeraman kunniin meeshaalee otentikiin barattoota afaan hawaasni qabatamaadhaan tajaajilamaniin wal barsiisuudhaan fedhii barattootaa guuta jedhu. Dabalees, meeshaalee otentikiin barattoota

gosoota barreeffamootaafi dubbiiwwanii adda addaa, (variety of text types), bifoota afaanii meeshaalee kalaqaman keessatti hin argamnee (language styles not easily found in conventional teaching materials)fi meeshaalee yeroo gara yerootti fooyya'aa deemaniin (continuously updated materials) kan wal barsiisan ta'uu amanu. Meeshaalee otentikiititti fayyadamnee wayita afaan barsiisnu barattoonni afaan dhugaa ykn afaan hawaasa keessatti qabatamaan tajaajilu barachaa jiraachuu isaanii waan arganiif, dhugumaan barachaa jirra jedhanii fudhatu (Kilickaya, 2004).

Hayyuun Martinez (2002) jedhamu meeshaalee otentikiin barattoonni waan jedhamaa jiru keessatti akka hirmaatan waan taasisuufi waan addunyaa kanarratti adeemsisamaa jiruun waan wal barsiisaniif, fedhii afaan barachuu keessa isaanitii maddu isaan keessatti hora jedha. Hayyuun Underwood (1989) jedhamtu gama ishiitiin meeshaalee otentikiin amaloota waliigaltee (interactional features) meeshaaleen kalaqaman fiduufii hin dandeenye barattootaaf fiduun amaloota waliigaltee hawaasa keessatti barbaachisan mara isaan gonfachiisuun kan fayyadan ta'uu ibsiti. Amaloonni waliigaltee kunniinis yaada ykn gaaffii gaafatamaniif battalumatti deebii kennuu danda'auu, hamma yaanni namaaf dhufutti waan ittiin qaawwa yeroo cufanitti (false starters) fayyadamuufi kkf waliin haasawa itti fufsiisuuf gargaaran mara dabalatu. Kanaaf, meeshalee otentikiin barattoota afaanii itti fayyadama afaanichaa kan dhuguma hawaasa keessa jiruuf qopheessuurratti hiriyaa hin qaban jedhamee falmama.

2.4.2 Falmiiwwan Itti Fayyadama Meeshaalee Otentikii Hin Deeggarre (Arguments against Using Authentic Materials)

Hayyuuleen tokko tokko sababoota adda addaa dhiyeessuudhaan meeshaalee otentikiin rakkisoofi itti fayyadama isaanii dhugoomsuun kan hin danda'amne ta'uu kaasuun falmu. Fakkeenyaaf, Miller (2005:3) "Meeshaalee otentikii filachuu, gulaaluufi qopheessuun

barsiisotatti baayyee cimuu danda'a" jedha. Martinez (2002) immoo meeeshaalee otentikiin aadaadhaan waan walqabatuuf, hawaasa afaanichaa keessaa baasanii hubachuun rakkisaa ta'uu mala ("…authentic materials may be culturally biased and difficult to understand outside the language community") jedha (f.3). Hayyuun Richards (2001) jedhamus faayedaawwan meeshaalee otentikiin afaan barsiisuu keessatti qaban fudhatullee, meeshaalee otentikii keessa jechoonni hin barbaaddamneefi caaslugni wal-xaxaan galuu waan danda'aniif, qooqni isaa keessumattii barsiisota sadarkaa gadaanaatti cimuu kan danda'u ta'uu ibsa. Akkasumas, Guariento & Morley (2001)fi Kilickaya (2004) akka barreessetti sadarkaa gadiitti meeshaalee otentikiitti fayyadamuun qooqa cimaa isaatiin barattoota sodaa keessa galchuu danda'a. Kim (2000) gama isaatiin sadarkaa gadi aanaatti afaan otentikiin barattoota cuuf-galii argachiisuu kan hin dandeenye ta'uu hima.

Walumaagalatti, faayedaawwan isaanii irraan kan ka'e afaan barsiisuu keessatti itti fayyadamni meeshaalee otentikii barbaachisaa ta'uun beekamullee, gama biraatiin immoo meeshaalee kanneen fayyadamuun barsiisotatti hojii dabalataa kan fiduufi barattootattis, keessumattuu sadarkaa gadi aanaatti cimuun kaka'umsa isaanii laaffisuu danda'a jedhamuun yaanni falmii irratti ka'aa jira. Haata'u malee, meeshaalee otentikiitti fayyadamuun afaan barsiisuun miidhaa isaarra faayedaan isaa waan caaluuf, dadhabbii inni fidu danda'uun itti fayydamuu wayya. Hayyuuleen tokko yokko karaa ittiin rakkina kana furru kennu. Fakkeenyaaf, Guariento & Morley (2001) rakkina cimina qooqaa meeshaalee otentikii keessatti nama qunnaman furuuf, gochaalee gochaalee (tasks) hubannoo guutuu (total comprehension) nama hin barbaachisne qopheessuun itti fayyadamuu akka qabnu gorsu. Kanaafuu, meeshaalee otentikii rakkina isaarra faayedaan isaa waan caaluuf, rakkina isaa furuu yaalaatti itti fayyadamuu akka qabnutu hubatama.

## 2.5 Gosoota Otentikummaa (Types of Authenticity)

Otentikummaan gosoota adda addaa qaba. Jalqabarratti otentikummaan kanuma meeshaa qofa akka ta'eetti hubatama ture. Booda garuu otentikummaan meeshaa otentikii dareetti fiduu caalaa ta'uun hubatamaa dhufe. Itti fayyadamni afaanii inni dhugumaa meeshaa otentikii dareetti fiduun qofa mirkanaawuu hin danda'u (Joy, 2011).

Grellet, F. et al. (1983) meeshaa otentikiin tokko hawaasa isaa keessaa fudhatamee gara dareetti wayita fudhatamu, otentikummaan isaa hin tuqamne jedhanii yaaduun sirrii akka hin taane ibsu. Meeshaa otentikiin tokko, barreeffama ykn dubbii waraabbame tokko mee haa fudhannu, wayita gara daree barnootaatti fudhatamu, hirmaattonniifi haalli isaa waliin dhufuu hin danda'an (Wallace, 1992). Kanarraan kan ka'e, otentikummaan meeshaatii ol ta'ee argame. Hayyuun Breen (1985) jedhamu otentikummaa gosoota sadii kenna: kan gochaa, kan afaaniifi kan haalaa (…that of task, language and situation). Guariento & Morley (2001) immoo otentikummaa gosoota afurii kennu: kan dhimma/kaayyoo dhugaarratti hundaawuu (which depends on a genuine purpose), kan dhimma jiruufi jireenyaa irratti hundaawuu (real world purpose based), kan barattoota daree keessatti waliin haasofsiisuurratti hundaawuu (classroom interaction based)fi kan barattoota hirmaannaa keessa galchuurratti hundaawuu (learner engagement based). Qoqqooddii kanneen irratti hundaawuun afaan barsiisuu keessatti otentikummaa gosoota afurii mul'atanii jiru. Isaanis:

1. Otentikummaa barreeffamaa ykn dubbii barattoota keenyaaf akka cuuf-galiitti itti tajaajilamnu (Authenticity of the texts which we may use as input data for our learners);
2. Otentikummaa akkaataa barattoonni meeshichatti hiika kennanii (Authenticity of learners" own interpretation of such texts);

3. Otentikummaa gochaalee afaan baruuf mijatanii (Authenticity of tasks conducive to language learning)fi;

4. Otentikummaa haala qabatamaa hawaasummaa daree (Authenticity of the actual social situation of the language classroom) faadha.

Kunniin tokko tokkoon itti aanuun ilaallaman.

2.5.1. Otentikummaa barreeffamaa ykn dubbii barattoota keenyaaf akka cuuf-galiitti itti tajaajilamnuu

Akka Jacobson et al. (2003) barreessanitti barreeffama/dubbii tokko daree keessatti otentikii taasisuuf qabxiilee ijoon lama barbaachisoodha. Isaanis akaakuu barreeffamichaa/dubbichaafi dhimma inni barreeffameef/dubbatameefidha. Dhaggeeffachuufis kanneenumatu hojjeta. Breen (1985) otentikummaa barreeffamaa/dubbii gama orijinaalummaa barreeffamachi/dubbichi hawaasa keessatti qabuutiin ilaala. Kana jechuunis barreeffamni/dubbiin tokko otentikii kan jedhamu yoo hawaasni dareedhaan alaa isatti kan fayyadamu ta'eefi dhimmi/kaayyoon barreeffamicha/dubbicha dubbisuu/dhaggeeffachuu dhimma/kaayyoo inni hwaasa alaa keessatti jiruun kan waliin deemu ta'edha jechuudha.

Sababni meeshaalee otentikii kutaa keessatti fayyadamnuuf barattoota galii afaanii qabatamaadhaan hawaasa keessatti itti tajaajilaman (real world language input) argachiisuun wayita kutaadhaa hawaasatti ba'an afaanichatti gahumsaan fayyadamuu akka danda'aniif qopheessuufi (Guariento and Morley, 2001). Kanaafuu, meeshalee otentikiin meeshaalee madda galii afaan dhugaa barattoota gaafa hawaasa keessa seenan afaanichatti gahumsaan akka fayyadaman gargaaran mara ta'uun hubatamuu qaba. Akka Joy (2011) barreessetti otentikummaan meeshaalee otentikii dhimma baruufi barsiisuuf ooluu danda'an ilaallata (... the

term authenticity is equivocal to authentic materials used for pedagogic purposes). Meeshaalee otentikiin barattootaaf karaa barreeffama/dubbiitiin gochaalee hawaasa keessatti qabatamaan argaman akka arguuf, raawwachuufi muuxannoo horataniif carraa kennuuf jedhamee amanama. Kanaafuu, otentikummaan barreeffamaa ykn dubbii barattoota keenyaaf akka cuuf-galiitti itti tajaajilamnuu kaayyoo afaan barsiisuutiif dursee kan barreeffame/dubbatame ta'uu hin qabu.

2.5.2. Otentikummaa akkaataa barattoonni meeshaa otentikiitti hiika kennanii

Barattoonni meeshaalee barnootaa haala gaariidhaan ilaalan malee barattootafi meeshaalee barnootaa gidduu walfudhachuun hin jiraatu. Widdowson (1990:5) yaada kana akkana jechuun barreessa "Proper interaction between learners and materials will not occur unless the learner can respond to the materials appropriately". Kun otentikummaan kan argamu yoo wanti qopheessaan meeshichaa yaadefi haalli barattoonni meeshichatti hiika kennan wal simatan qofa ta'uu agarsiisa. Akka Breen (1985) jedhutti uumamni, gostiifi mata-dureen meeshaa tokkoo meeshichi akka waan otentikii ta'eetti ykn hin ta'iniitti fudhachuun hiika akka itti kenninu ykn xiinxallu nu taasisa. Kanaafuu, barreessaan meeshaa barnootaa tokko wayita dubbisa ykn dubbii dhimma baruufi barsiisuutiif oolu qopheessu, barattoota gidduutti waliin mariin akka geggeeffamuufi barattoonni barreeffamichatti ykn dubbichatti hiika mataa isaanii akka kennan jajjabeessuu qaba.

Barattoonni dubbisa tokko yemmuu dubbisan ykn dubbii tokko yemmuu dhaggeeffatan beekkumsi, fedhiinifi kaka'umsi isaan isarratti qaban akka isaan salphumatti hiika itti kennan ykn xiinxalan isaan jajjabeessa. Barattoonni dhimma tokkorratti bifa kanaan yoo hirmaatan, kun otentikummaa barataa (learner-authenticity) jedhama. Meeshaaleen otentikiin meeshaalee barattoota giddugaleeffachuun fedhii afaan barachuu barattootaa jajjabeessan ta'uu qabu. Breen

(1985) qabxiilee otentikummaa barattootaafi otentikummaa meeshaalee barnootaa cimsuu keessatti gayee qaban afur tarreessa. Isaanis:

1. Barreeffamni/dubbii otentikiin maali? (What is an authentic text?)

2. Eenyuuf otentikiidha? (For whom is it authentic?)

3. Dhimma otentikii maaliitiif? (For what authentic purpose?)

4. Haala hawaasummaa daree barnootaatiif maaltu otentikiidha? (What is authentic to social situation of the classroom?)

Dirree barnootaa keessatti qabxiileen kunniin bifa armaan gadiitiin hiikkamuu ykn xiinxalamuu danda'u. Barattootafi meeshaalee barnootaa gidduutti 'walnyaatiinsa' (interaction) saffisissuuf, barsiisonni dhimmoota meeshaalee barnootaa (text factor) kan akka filannaa meeshaalee (materials selection), dhimmoota barataa (learner factor) kan akka garaagarammuu saffisa barachuu barattootaa (individual differences), dhimmoota gochaa (task factor) kan akka qopheessa gochaalee barnootaa (task design)fi, dhimmoota barachuu (learning factor) kan akka barnootaaf haala/naannoo gaarii (learning environment) mijeessuun barbaachisaadha (Breen, 1985).

### 2.5.3. Otentikummaa gochaalee afaan baruuf mijatanii (Authenticity of tasks conducive to language learning)

Otentikummaan gochaa (task authenticity) hariiroo barattootafi barreeffama/dubbii akka galiitti tajaajilamnu gidduutti uummamuufi haala barattoonni itti isa fudhatan/ilaalan ilaallata. Mishan (2005) otentikummaan gochaa hirmaannaa barattoonni gocha tokko raawwachuu keessatti taasisaniin kan wal qabatu ta'uu ibsa. Akka Cronin (1983) jedhutti immoo gochi tokko

otentikummaa gochaa kan qabaatu, barbaachisummaa addunyaa dhugaa (real-world relevance) yoo qabaatedha. Kana biratti, gochi otentikiin kutaa keessatti kaayyoo barbaaddameef itti tajaajilamuun kan danda'amuufi kaayyoolee barnootaa itti fufiinsaan milkeessuu kan danda'u ta'uus qaba. Gochaaleen barbaachisummaa dhugaa qaban barattoonni kutaa keessatti dalagaalee kanneen addunyaa dhugaa keessatti jiraniin walitti dhiyaatan akka hojjechuu danda'an isaan taasisuu qabu (Nunan, 1989).

Gochi otentikiin carraalee itti fayyadama afaanii barattootaaf kennuudhaan barattoonni afaanicha wayita hawaasa keessa galan salphumatti akka itti fayyadaman taasisa. Carraaleen kunniinis murtii sirrii murteessuu danda'uu, yaadota nama amansiisan dhiyeessuu danda'uu, bakka duwwaa odeeffannoo barbaachisuun guutuufi rakkoolee hiikuu dabdalata. Kanaafuu, gochaaleen daree keessatti itti fayyadamuun afaan barsiisnu barattoota gochaalee hawaasa keessatti qabatamaan itti fayyadamnuun walitti dhiyaaturratti hirmaachisuu qabu. Gochaaleen barnootaa barattoota gochaalee hwaasa keessa jiraniin hamma danda'ameen walitti dhiyaatanirratti hirmaachisan gochaalee otentikummaa barataa qaban jedhamu. Hayyuun Lee (1995) jedhamu akka ibsutti barsiisaan gochaalee barataa otentikii (learner authentic) ta'an qopheessuuf qabxiilee ijoo armaan gadii yaada keessa galchuu qaba.  Isaanis:

- Waliin-haasawa qabatamaa jiruufi jireenyaa keessatti dandeettiiwwan afaanii adda addaa erga tokko waan fayyadamnuuf, gochaalee keessattis mala dandeettiiwwan adda addaa erga tokko nu fayyadamsiisutti (integrated skills approach) fayyadamuun barbaachisaadha;
- Barattoonni dandeettiiwwan afaanii karaa barbaachisaa, hiika-qabeessafi kan uumamumaan itti fayyadamnuun wal fakkaatuun akka fayyadamaniif, gochaaleedhaaf haalli waliigaltee qabatamaan (context) uumamuu qaba;

- Gochaaleen itti fayyadamnu kanneen dandeettii afaanii cimsuu barbaannu cimsuuf gargaaran (valid) ta'uu qabu;
- Barattoonni akka ka'umsaatti akka itti fayyadamaniif qabiyyeen gochaa meeshaalee otentikii filatamaniin walqabachuu qaba (The task content should be related to the authentic materials selected, so that learners can use them as springboard for the task).

2.5.4. Otentikummaa haala qabatamaa hawaasummaa daree (Authenticity of the actual social situation of the language classroom)

Dareen barattootaaf, keessumattuu barattoota afaan lammataatiif, bakka murteessaa galii afaanii (language input) itti argatan ta'uun dagatamuu hin qabu. Kanaafuu, otentikummaan dares barbaachisaadha. Otentikummaan daree bakka addaa raawwiin hawaasummaa (barachuun) itti adeemsisamudha (Joy, 2011). Dareen barnootaa otentikiin barattoonni akka garee hawaasa tokkootti haala hiika-qabeessa ta'een yaada akka wal jijjiiran, wal falmanii murtii tokkorra gahan taasisuuf haala mijataa uuma. Akka Taylor (1994) jedhutti otentikummaan amala addunyaa dareedhaan alaa qofa ta'uu hin qabu; amala addunyaa dareetis qabaachuu qaba. Dareen barnootaas adeemsa afaan barachuu keessatti haala qabatamaafi haala uumamaa mataa isaa qaba. Barattoonni daree afaanii tokko keessaa, akkuma bakka biraatti/dareen alatti gochuu malan, wantoota/meeshaalee daricha keessatti argamurratti hundaawuun otentikummaa mataa isaanii uumuu danda'u. Kanaafuu, barsiisonni daree/meeshaalee waliigaltee qabatamaa uumuuf gargaaran adda addaa dhiyeessuun naannoo otentikii afaan itti baratamu uumuuf tattaaffii cimaa gochuu qabu.

## 2.6. Madda Meeshaalee Otentikii Afaan Barsiisuuf Gargaaranii

Galiin afaan baratamuu/afaan xiyyeeffannoo (target language) kan bifa barreeffamaafi dubbiidhaan dareedhaayis ta’ee dareedhaan alaa argamu maddoota adda addaa irraa ta’uu danda’a (Lindsay & Knight (2006). Akka hayyuuleen kunniin kaa’anitti maddoonni kunniin barsiisaa, hiriyoota, gaazexaawwan, sagantaalee TV, interneetii, fiilmii, kitaabolee koorsii, asoosamoota, galmee jechootaafi kkfdha. Afaan barsiisuu keessatti maddoota akka kanneenii fayyadamuu jechuun meeshichi otentikiidha, dhimmichi yeroo waliin nideema jechuudha.

Keessumattuu jabana odeeffannoo, jabana teekinooloojiin walqunnamtii waan addunyaarratti ta’aa jiru yoosuma nu biraan ga’uu danda’u kanatti, barsiisonni madda meeshaalee afaan barsiisuuf tajaajilanitti dhiyoodha (Flowerdew & Miller, 2005). Kanaafuu, jabana kana, yoomiyyuu caalaa, maddi meeshaalee otentikii afaan barsiisuuf nu tajaajilanii hedduudha. Kanaafuu, barsiisonni maddoota kanneenitti fayyadamauun meeshaalee otentikiitti fayyadamuun afaan barsiisuuf yoomiyyuu caalaa kutatanii ka’uu qabu.

# BOQONNAA SADI

# MALA QORANNICHAA

## 3.1. Akaakuu Mala Qorannichaa

Ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaafi karoora barnoota torbee kutichaa sakatta'uufi barsiisotaafi barattootaaf afgaaffii dhiyeessuudhaan funaanaman. Ragaaleen bifa kanneeniin funaanaman hamma tokko loogummaa (subjectivity) hir'isuuf lakkoofsatti, fakkeenyaaf, dhibbantaatti fayyadamuun qaaccessuun yaalamullee, caalmadhaan jechootaan waan qaaccessamaniif, malli qorannoo kanaa mala al-lakkoofsaa (qualitative)dha.

## 3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu (Sample and Sampling Techniques)

Maddi ragaalee qorannoo kanaa Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa Afaan Oromoo, karoora barnoota torbee barsiisonni kuticha barsiisuuf qopheeffatan, barsiisota Afaan Oromoo manneetii banootaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaa keessatti kutaa 10ffaa barsiisan maraafi barattoota kutaa 10ffaa manneetii barnootaa kanneenii ta'uun eeramee ture. Barsiisonni manneetii barnootaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaa ja'an keessatti Kutaa 10ffaa Afaan Oromoo barsiisan mara (21) waliin afgaaffiin geggeessameera. Barattoota kutaa 10ffaa manneetii barnootaa magaalichaa ja'an keessatti baratan 4,167 mara waliin afgaaffii geggeessuun garuu waan hindanda'amneef, goloota barnootaa jiran keessaa ¼ qofa iddattoo carraadhaatiin fudhachuun dirqama ture. Barattoota gola tokkoo mara waliinis afgaaffii geggeessuun waan hindanda'amneef, gola iddattoo tokko keessaa kanneen sadarkaa 1ffaadhaa hanga 3ffaa ba'an ragaalee barbaachisan haala gaariidhaan kennu jedhamee waan yaaddameef, iddattoo itti yaaddame (purposive sampling) dhaan fudhachuun yaalameera. Haaluma kanaan barattoota waliigalaa 4,167, kanneen goloota barnootaa 86tti

qoqqooddamanii jiran keessaa kanneen goloota barnootaa 22 keessaa sadi sadi fudhachuudhaan walumaagalatti barattoota 66 waliin afgaaffiin geggeessameera.

### 3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan karaalee adda addaatiin funaannaman.

#### 3.3.1. Sakatta'iinsa Galmee

Ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan argachuuf galmee gosa lamatu sakatta'ame: kitaaba barataafi karoora barnoota torbee. Isaan lammeenuu kopha kophaatti haala armaan gadiitiin ilaalamaniiru.

##### 3.3.1.1. Sakatta'iinsa Kitaaba Barataa

Kitaaba Barataa Kutaa 10^ffaa Afaan Oromoo sakatta'uun kan barbaachiseef, kitaabichi barsiisaadhaaf meeshaalee otentikiitti fayyadamuu hayyamuufii ykn hayyamuufii dhiisuu isaa adda baafachuufi. Ragaalee barbaachisan kanneen bifa eerameen argachuufis kitaabicha boqonnaa boqonnaadhaan, mata-duree mata-dureedhaanifi gilgaala gilgaalaan sakatta'uun yaalameera. Haaluma kanaan boqonnaalee kitaabichaa kudha-saddeettanuu matadureewwaniifi gilgaalota isaa mara sakkatta'uun yaalameera.

##### 3.3.1.2. Sakatta'iinsa Karoora Barnoota Torbee

Karoora barnoota torbee sakatta'uun kan barbaachiseef barsisaan waan barsiisuuf karoorfate karoora torbee keessatti ni eera jedhamee waan itti amanameefi. Haaluma kanaan, barsiisaan meeshaalee otentikii itti fayyadamee barsiisuufi dhiisuu isaa karoora barnoota torbee keessa barbaaduudhaan adda baafatameera. Bifuma kanaan karoorawwan barnoota torbee ji'a Fulbaanaa

2008 A.L.I irraa hanga Amajjii 30, 2008 A.L.I qophaa'an barsiisota 15 irraa walumaagalatti karoorowwan barnoota torbee 147 argachuun sakatta'uun danda'ameera.

### 3.3.2. Afgaaffii

Ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan funaanuuf afgaaffiin meeshaa qorattuun itti tajaajilamte keessaa isa tokko. Afgaaffii gosa lamaatu itti tajaajilame: afgaaffii barsiisaaf qophaayefi afgaaffii barataaf qophaaye. Tokkon tokkon isaanii itti aanuun dhiyaataniiru.

#### 3.3.2.1. Afgaaffii Barsiisotaaf Qophaaye

Maddi ragaalee qorannoo kanaa inni guddaan barsiisaadha. Barsiisonni Godina Addaa Magaalaa Adaamaa keessatti Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisan marti (21) qorannoo kana keessatti afgaaffii deebisuun hirmaataniiru. Barsiisota kanneen keessaa 13 dubartoota yemmuu ta'an, kanneen hafan dhiira. Barsiisonni kunniin martuu digirii tokkoffaa qabu. Barsiisota kanneen keessaa 20 Afaan Oromootiin kan eebbisaman yemmuu ta'u, tokko qofti Ingiliffaan Afaan Oromoo maayinarii godhatee eebbisame. Barsiisonni kunniin muuxannoo afaanicha barsiisuu waggaa adda addaa qabu. Arfan isaanii tajaajila waggoota 1—10, tokko tajaajila waggoota 11—20, kudha-lamaan isaanii tajaajila waggoota 21—30, afur immoo tajaajila waggaa 31 olii qabu. Baayyeen isaanii tajaajila waggaa 20 olii qabu jechuudha.

Barsiisota kanneen irraa afgaaffiidhaan odeeffaannoo ykn ragaa gadi fageenyaa argachuun waan danda'amuuf, qorattuun meeshaa kanatti tajaajilamteerti. Barsiisota iddoo olitti eerametti Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa barsiisan digdamii tokkonuu waliin afgaaffii geggeessuun danda'ameera. Meeshaa funaansa ragaa kanaan barsiisonni kunniin Afaan Oromoo barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiitti fayyadamuu ykn fayyadamuu dhiisuu isaanii sababa waliin akka ibsan taasisuun danda'ameera.

#### 3.3.2.2. Afgaaffii Barattootaaf

Itti fayyadama meeshaalee otentikii ilaalchisee ragaaleen barsiisaan kenne sirriifi sirrii ta'uu dhiisuu isaa mirkaneeffachuuf, barattoota kutichaatiifis afgaaffiin qophaayee muraasa isaanii waliin geggeeffameera Barattoota mara waliin afgaaffii geggeessuun waan hindanda'amneef, goloota barnootaa jiran keessaa ¼ iddattoo carraatiin baasuudhaan gola iddattoo tokko keessaa warra bara 2008 A.L.I semisteera 1ffaatti sadarkaa 1—3 ba'an filachuudhaan walumaagalatti barattoota 66 waliin afgaaffiin geggeessameera. Barattoota kanneen keessaa 38 dhiira yemmuu ta'an 28 dubartoota. Umuriin baayyee isaanii (kan barattoota 64) waggoota 16-20 yemmuu ta'u, kan barattoota lamaa qofatu waggoota 21-25 gidduutti argama. Afgaaffii barataaf qophaaye kanaanis barsiisonni wayita Afaan oromoo barsiisan meeshaalee otentikiitti fayyadamuufi dhiisuu isaanii sababa waliin akka himan, darbees Afaan oromoo kutichatti barsiisuu keessatti barbaachisummaa ittifayyadama meeshaalee gosa kanneeniirratti ilaalcha qabanis gaafachuun danda'ameera.

Barattoota mara waliin afgaaffii geggeessuun waan hindanda'amneef, goloota barnootaa jiran keessaa ¼ iddattoo carraatiin baasuudhaan gola iddattoo tokko keessaa warra bara 2008 A.L.I semisteera 1ffaatti sadarkaa 1-3 ba'an filachuudhaan walumaagalatti barattoota 66 waliin afgaaffiin geggeessameera.

### 3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Akkuma olitti tuquun yaalame, ragaaleen qorannoo kanaaf oolan sakatta'iinsa galmeesi afgaaffiidhaan funaanamu. Sakatta'iinsi galmee sakatta'iinsa kitaaba barataafi sakatta'iinsa karoora barnoota torbee yemmuu ta'an, afgaaffiin immoo afgaaffii barsiisaaf qophaayefi afgaaffii barataaf qophaayedha. Ragaaleen bifa kanneeniin funaannaman kunniin caalmadhaan

jechootaan qaaccessaman; loogummaa hir'isuuf garuu, ragaalee kanneen lakkoofsaan kaa'udhaan keessumattuu dhibantaatti fayyadamuun yaalameera.

# BOQONNAA AFUR

# DHIYEESSAFI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Sakkatta'iinsa Galmee

Akkuma iddoo adda addaatti eerame ragaalee qorannoo kanaaf barbaadaman argachuuf sakatta'iinsa galmee bifa lamaatu geggeessame: sakatta'iinsa kitaaba barataafi sakatta'iinsa karoora barnoota torbee. Ragaalee tooftaalee lamaaninuu funaanaman haala itti'aanuun tokko tokkoon dhiyeessuudhaan qaaccessuun yaallameera.

## 4.2. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Sakatta'iinsa Kitaaba Baratataa

Kitaabni Barataa Kutaa 10<sup>ffaa</sup> Afaan Oromoo kan qaaccessameef kitaabichi ittifayyadama gocha ykn meeshaalee otentikii hayyamuufi dhiisuu isaarratti ragaalee argachuufi. Geggeessituun qorannoo kanaa ragaalee dhimma kanaaf barbaaddaman argachuuf kitaabicha boqonnaalee, matadureewwaniifi gilgaalota isaatiin itti deemuun sakattaate.

Kitaabichi boqonnaalee 18 qaba. Boqonnaalee kudha-saddeettanuu matadureewwaniifi gochaalee isaan keessatti argamanirratti xiyyeeffachuun tokko tokkoon isaanii keessatti ittifayyadamni gochaalee ykn meeshaalee otentikii hayyamamuufi dhiisuu sakatta'uun yaallameera. Gochaalee ykn meeshaalee otentikii kitaabicha keessatti argamanis Gabatee 1 keessatti haala itti aanee dhiyaateen kaa'uun yaalameera.

Gabatee 1: Gochaalee Otentikii Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa keessatti argaman.

| Lak. | Gocha otentikii kitaabicha keessatti argame | Boqonnaa | Gilgaala | Fuula |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sirna fuudhafi heerumaa naannoo keetti adeemsisamu tokko barreessii dareef dubbisi | 3 | 3 | 36 |
| 2 | Maatii ykn nama naannoo gaafachuun geerarsa namni beekkamaa guddina uummata isaatiif bu'aa buuse ittiin faarsuuf geeraramu barreessuun yeedalloo isaa eegii dareef geerari | 6 | 5 | 64 |
| 3 | Sirna gadaa naannoo keetti hojiirra oolaa jiru maanguddoo naannoo keetti argaman gaafachuun barreessiitii dareef dubbisi. | 9 | 6 | 98 |
| 4 | Maatii naannoo keetti mucaa guddifachaadhaan fudhatan bira dhaquun adeemsa sirna guddifachaa isaan keessa darban gaafachuun barreeffamaan kutaaf dhiyeessi. | 10 | 3 | 104 |
| 5 | Haala qabeenyi uummamaa ittiin kunuunsamu hojjettoota qonnaa naannoo keetti argaman gaafchuun barreeffamaan dareef dhiyeessi. | 11 | 3 | 113 |
| 6 | Seenaa nama guddina Afaan Oromoo keessatti gumaacha guddaa godhe tokkoo barreessii barattoota daree keetiif dubbisi. | 13 | 6 | 132 |
| 7 | Weedduu jaalalaa naannoo keetti weeddifamu gareedhaan ta'uun weeddisi. | 14 | 2 | 133 |
| 8 | a) Gareen ta'uun sirba jaalalaa beektan walitti himaa.<br>b)Sirba gaayilaa mana micayyootti sirbamuufi kan mana mucaatti sirbamu walitti himaa. | 14 | 3B | 136 |
| 9 | Durdurii beektu himi | 15 | 3 | 151 |
| 10 | Hiibboo jalqabame itti xumuri | 15 | 6C | 156 |

Akkuma Gabatee 1 keessaa hubachuun danda'amu boqonnaalee 1, 2, 4, 5, 7, 8, 12, 16, 17 fi 18 keessa gochaalee otentikiin kan hin argamin yemmuu ta'u, boqonnaalee 3,6,9,10,11,13, 14fi 15 keessatti garuu argamaniiru. Akkaataa gochaalee otentikiin boqonnaalee eeraman keessaa dhabamaniifi boqonnaalee biroo eeraman keessatti argaman ifa gochuun dhiyeessuuf qabiyyee boqonnaalee maraa tokko tokkoon kaasuun barbaachisaa waan ta'eef, akka itti aanutti sakatta'uun yaalameera.

Boqonnaa 1ffaan waayee akkaataa afaan itti jalqabameeti. Boqonnaan kun dubbisa akkaataa afaan itti jalqabamee erga kennee booda, gaaffiilee hubannoo dubbisaa, gaaffiilee hiikaa jechootaa, haala uummama birsagaafi sirna tuqaalee xumura himaarratti galanii dhiyeessa. Boqonnaan kun waan isa keessatti dhiyaateen ala barsiisaan/barsiistuun meeshalee otentikii akka dabalataan itti gargaaramu/gargaaramtu bakki itti affeeru hin mul'atu.

Boqonnaa 2ffaan waayee dhukkuboota walqunnamtii saalaatiin daddarbanirratti xiyyeeffata. Duraan dursee dhukkuboota walqunnamtii saalaatiin daddarban keessaa HIV/AIDS irratti barreeffama barsiisaan/barsiistuun dubbisuuf/dubbistuuf dhaggeeffatanii gaaffiilee hubannoo akka deebisan gaafata. Itti aansuun, dubbisa dhukkuboota walqunnamtii saalaatiin daddarban biroorratti dhiyaate dubbisanii akka gaaffiilee hubannoofi gaaffiilee hiika jechootaa deebisan gaafata. Boqonnaan kunis gochaalee kanneeniin ala barsiisonni meeshaalee otentikii akka itti fayyadaman hin affeeru.

Boqonnaa 3ffaan sirna fuudhafi heerumaa Oromiyaa Bahaarratti dubbisa dhiyeessudhaan gaaffiilee hubannoo dubbisaafi gaaffiilee hiika jechootaa, akkasumas waayee gaaleefi ciroo gaafata. Boqonnaa kana keessatti gilgaalli tokko (Gilgaala 3 kan fuula 36 irratti kenname) barattoonni  sirna fuudhafi heerumaa naannoo isaaniitti adeemsisamu keessaa tokko filachuun

barreeffama irratti qopheessuun dareef akka dubbisan gaafata. Gilgaalli kun barataan waayee fuudhafi heerumaa irratti dubbisa dhiyaaterraa hubannoo argateefi muuxxannoo ofii irratti hundaawuun sirna fuudhafi heerumaa naannoo ofii yaadatee akka barreessee dhiyeessu gaafata. Akkuma beekkamu gaaffiin kun barataan meeshaa otentikii akka fidu hin gaafatu. Barataan sirna fuudhafi heerumaa argachuu danda'u waraabee ykn kan waraabbame akka fidu osoo gaafatamee, gochichi ittifayyadama meeshaa otentikii jajjabeessa ture. Akkasumas barsiisaan/barsiistuun sirna fuudhafi heerumaa naannichaa waraabuun ykn kan waraabbamee jiru akka barbaadu/barbaaddu osoo gaafatee ittifayyadama meeshaa otentikii ni jajjabeessa ture. Haata'u malee, iddoo kanatti warri kitaaba kana qopheessan ittifayyadama meeshaa otentikii jajjabeessuu osoo danda'anuu dhiisan.

Boqonnaa 4ffaan asoosama gabaabaa dubbisanii akka hubatan taasisa. Boqonnaan kun gaaffiilee dubbisa keessaa, gaaffiilee hiika jechootaafi sirna tuqaalee gaafachuun ala ittifayyadama meeshaa otentikii hingaafatu. Boqonnaa 5ffaanis waanuma walfakkaataa hojjisiisa malee ittifayyadama meeshaa otentikiif iddoo hin kennine.

Boqonnaa 6ffaan seenaa nama beekkamaa, kan Onismoos Nasiib, dubbisaan dhiyeessuun gaaffiilee hubannoo gaafata. Itti aansuun, Gilaagaala 5 kan fuula 65 irratti argamu keessatti, barataan maatii ykn nama naannoo gaafachuun geerarsa nama beekkamaa guddina uummata isaatiif bu'aa buuse ittiin faarsuuf geeraramu barreessuun yeedalloo isaa eegee dareef akka geerarsaan dhiyeessu gaafata. Boqonnaan kun iddoo kanatti ittifayyadama meeshaa otentikii ni jajjabeessa. Haata'umalee, osoo geerarsicha akka waraabanii dhageessisan gaafatee caalaatti otentikummaan meeshichaa fooyya'aa ta'a ture.

Boqonnaaleen $7^{ffaa}$fi $8^{ffaa}$n tartiibaan waayee faayidaa bosonaafi garaa kaasaa irratti dubbisoota dhiyaatanirratti hundaawuun gaaffiilee hubannoo dubbisaafi hiikaa jechootaa gaafachuun alatti ittifayyadama meeshaalee otentikii hin jajjabeessanu.

Boqonnaa $9^{ffaa}$n sirna Gadaa Oromoo irratti dubbisa kennee akka barattoonni gaaffiilee hubannoofi hiika jechootaa deebisan gaafata. Kanumaan walqabsiisuun Gilgaala 6 kan fuula 98 irratti argamu keessatti barattoonni waayee sirna gadaa naannoo isaaniitti hojiirra oolaa jiruu maanguddoo naannoo gaafachuun akka barreeffamaan qopheessanii dareef dubbisan gaafata. Boqonnaan kun iddoo kanatti ittifayyadama meeshaa otentikiitiif iddoo ni kenna. Barattoonni hawaasa keessa seenanii gaaffiifi deebiidhaan odeeffannoo funaananii odeeffannoo argatanis barreeffamaan qindeessanii akka dhiyeessan gochuun haala hiika-qabeessa ta'een barsiisa.

Boqonnaa $10^{ffaa}$n waayee guddifachaarratti dubbisa kennuudhaan gaaffiilee hubannoofi hiika jechootaa gaafata. Kanumaan walqabsiisuunis Gilgaala 3 kan fuula 104 irratti argamu keessatti barattoonni maatii naannoo isaaniitti mucaa guddifachaadhaan fudhatan bira dhaquun adeemsa sirna guddifachaa isaan keessa darban gaafachuun barreeffamaan kutaaf akka dhiyeessu gaafata. Boqonnaan kunis barattoonni hawaasa keessa galanii waan hiika-qabeessa kana akka gaafatanii qinddeeffatanii gabaasan waan taasisuuf, ittifayyadama meeshaa otentikii ni jajjabeessa.

Boqonnaa $11^{ffaa}$n kunuunsa qabeenya uummamaa irratti dubbisa kennuun gaaffiilee hubannoo gaafata. Kanumaan walqabsiisuunis Gilgaala 3 kan fuula 113 irratti argamu keessatti barattoonni hojjettoota qonnaa bira dhaquudhaan haala qabeenyi uummamaa ittiin kunuunsamu gaafatanii barreeffamaan akka dareef dhiyeessan ni gaafata. Boqonnaan kunis barattoonni hawaasa keessa seenuun waan hiika-qabeessa ta'e akka hojjetan taasisuun ittifayyadama meeshaa otentikii jajjabeessa.

Boqonnaa 12ffaan dubbisa jireenya baadiyyaafi jireenya magaalaa walbira qabee ilaalu dhiyeessuun barattoonni gaaffiilee hubannoo akka deebisan gaafata. Boqonnaan kun ittifayyadama meeshaa otentikii hin jajjabeessu.

Boqonnaa 13ffaan seenaa Sheek Bekirii Saphaaloo barreeffamaan dhiyeessee dubbisiisuun gaaffiilee hubannoo gaafata. Kanaan walqabatee Gilagaal 6 kan fuula 132 irra jiru keessatti barattoonni seenaa nama guddina Afaan Oromoo keessatti gumaacha guddaa godhee tokko akka barreessan gaafata. Gilgaalli kun nama naannoo seenaa beeku gaafachuu, barruulee, gaazexaafi madda odeeffannoo biroo gargaaramuu waan nama barbaachisuuf, gocha otentikummaa qaburratti nama hirmaachisuun ittifayyadama meeshaa otentikii jajjabeessa.

Boqonnaa 14ffaan walaloo weedduu jaalalaa yeroo gaa'ilaa mana micayyootti sirbamu bifa dubbisaatiin dhiyeessuun gaaffiilee hubannoo gaafachuun jalqaba. Kanumaan walqabsiisuun Gilgaala 2 kan fuula 133 irratti argamu keessatti barattoonni weedduu jaalalaa naannoo isaaniitti weeddifamu gareedhaan ta'uun akka weeddisan gaafata. Akkasumas sirba jaalalaa beekan akka walitti himan gaafata. Sirba gaayilaa mana micayyootti sirbamuufi kan mana mucaatti sirbamu akka walitti himanis ni gaafata. Gochaaleen kunniin kan hawaasa keessatti raawwatamaniifi barattootaaf hiika kennan waan ta'aniif, otentikummaa ni qabu. Boqonnichi osoo barreeffamaan osoo hinta'in waraabbii weedduu jaalalaa yeroo gaa'ilaa sirbamuun jalqabe, caalaatti otentikummaa qabaachuun fedhii barattoota kakaasa ture. Kanaafuu, keessumattuu yeroo ammaa kana meeshaaleen ittiin argaa-dhageettii waraabuun ittiin dhageessisan babalchaa wayita jiran kanatti ittifayyadamni waraabbii argaa-dhageettii babal'chuu qaba; sababnis kunniin otentikummaa waan jajjabeessaniifi.

Boqonnaa 15$^{ffaa}$n durdurii barreeffamaan dhiyeessuun gaaffiilee hubannoo gaafata. Itti aansuun gosoota afoolaa keessaa waayee hiibboo, mammaaksaafi sheekkoo/durdurii erga hubachiisee booda, hiibboo, mammaaksafi durdurii jalqabame akka itti xumuran gaafata. Kanaafuu, gochaalee hawaasa keessatti qabatamaadhaan raawwatan waan qabuuf, otentikummaa ni jajjabeessa.

Boqonnaa 16$^{ffaa}$n asoosama gabaabaa dhiyeessuun dubbisanii akka qaaccessan gaafata. Isaan booda, waayee faayedaa asoosamaafi caaccullee asoosamaa barsiisa; ittifayyadama meeshaa otentikii hinqabu.

Boqonnaa 17$^{ffaa}$n waayee xalayaalee adda addaa barsiisa. Qaamolee xalayaalee adda addaa kan akka xalayaa hiriyaa, xalayaa hojii, xalayaa daldalaafi xalayaa gaddaa hubachiisa. Waayee xalayaalee hubchiisuu yaaluun ala xalayaalee kanneen akka hawaasa keessatti tajaajilanitti akka itti tajaajilaman gochuun hin jiru. Boqonnaa 18$^{ffaa}$n waayee ittifayyadama wabiilee barsiisa. Boqonnaan kunis otentikummaa hinqabu.

Gabaabumatti, akka sakatta'iinsi taasisame agarsiisutti, Kitaabni Barataa Afaan Oromoo Kutaa 10$^{ffaa}$n iddoo tokko tokkotti barattoonni waan hawaasa keessatti argamuufi hawaasni itti tajaajilamu gadi ba'anii hawaasa, keessumattuu warra waan sanirratti beekkumsa fooyya'aa qaban gaafachuun akka kutaatti waliif calaqqisiisan ni taasisa. Haala kanaan barattoonni gochaalee otentikummaa qaban akka raawwatan ni jajjabeessa. Haata'u malee, yeroo baayyee barattoonni waa gaafatanii odeeffannoo argatan barreeffamaan kutaaf akka dubbisan gaafachuu malee barattoonni arga-dhageettii waraabanii kutaatti fiduun akka irratti mari'atan yeroo taasisu hin agarre. Yeroo ammaa yeroo ittifayyadamni teekinoolojiin arga-dhageettii waraabuuf nu gargaaran babal'achaa jiran kana keessatti arga-dhageettii waraabanii kutaatti fiduun osoo

jajjabeessamee caalaatti filatamaa ta'a ture. Gama biraatiin kitaabichi barsiisonni afaanichaa afaanicha wayita barsiisan meeshaalee otentikii qopheeffachuun hojii barsiisuu akka deeggaran bakki itti jajjabeessu hin mul'anne. Barsiisonnis arga-dhageettii waraabanii kutaa keessatti akka itti fayyadaman osoo jajjabeessamanii barbaachisaadha ture.

## 4.3. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Sakatta'iinsa Karoora Barnoota Torbee

Akkuma beekkamu kaayyoon karoora barnoota torbee itti fayyadamnuuf inni tokko waan barsiisnu dursinee lafa kaa'achuun hojii barsiisuuf akka nu tajaajiluufi qaamni waan hojjetamuuf karoorfame beekuu barbaadus yoo jiraate akka itti fayyadamuufi. Kanaafuu, karoora barnoota torbee barsiisonni qopheeffatanii itti fayyadamanii bira darban sakatta'uun waan isaan itti fayyadamanii barsiisan hubachuuf nu gargaara. Sakatta'iinsi karoora barnoota torbee Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa kunis kan barbaachiseef barsiisonni afaanichaa wayita afaanicha barsiisan meeshaalee otentikii itti fayyadamuuf karoorfachuu ykn karoorfachuu dhiisuu isaanii baruufi. Kana jechuunis karoora barnoota torbee irraa barsiisonni meeshaalee otentikii itti fayyadamuufi itti fayyadamuu dhiisuu isaanii ilaalchisee ragaa argachuun ni danda'ama jechuudha.

Kanarraan kan ka'e, geggeessituun qorannoo kanaa barsiisonni Afaan Oromoo wayita afaanicha kutaa 10ffaa barsiisan meeshaalee otentikii itti fayyadamuuf karoorfachuu isaaniirratti ragaalee argachuuf karoorota barnoota torbee samisteera 1ffaa bara 2008 A.L.I kanneen barsiisota 15niin qophaaye 147 walittiqabuun sakattaateerti. Cuunfaan karoora barnoota torbee sakatta'amee Gabatee 2 keessatti haala itti aanuun dhiyaateera.

Gabatee 2: Cuunfaa sakatta'iinsa karoora barnoota torbee barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisuuf qopheeffatanii

| Lak | Mana Barumsaa | Baayyina barsiisotaa | Baayyina barsiisota karoora torbee | Baayyina karoora torbee argamee | Baayyina karoora torbee meeshaa otentikiin keessatti |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Mana Barumsaa Gooroo Sad. 2ffaa | 8 | 8 | 112 | 0 |
| 2 | Mana Barumsaa Adaamaa Sad. 2ffaa | 6 | 3 | 4 | 0 |
| 3 | Mana Barumsaa Dambalaa Sad. 2ffaa | 3 | 3 | 17 | 0 |
| 4 | Mana Barumsaa Adaamaa Boosat Sad. 2ffaa | 2 | 1 | 14 | 0 |
| 5 | Mana Barumsaa Burqaa Bokkuu Sad. 2ffaa | 1 | 0 | 0 | 0 |
| 6 | Mana Barumsaa Adaamaa Lak.3 Sad. 2ffaa | 1 | 0 | 0 | 0 |
| | Ida'ama | 21 | 15 | 147 | 0 |

Akkuma Gabatee 2 keessaa hubachuun danda'amu, baayyinni barsiisotaa Afaan Kutaa 10ffaa barsiisanii 21 ta'ee baayyinni karoora barnoota torbee isaan qopheeffachuu qabanii 14x21=294 ta'uu osoo qabuu, kan argame 147 qofa. Baayyinni karoora barnoota torbee kun kan eeggamee gadi ta'uu kan danda'eef sababoota adda addaarraan ka'uudhani. Sababoonni kunniinis karoora torbee itti fayyadamanii bira darban kuusuu dhiisuu, karoora torbee kuun darbee darbee kuun immoo gonkumaa qopheessuu dhiisuufaadha. Barsiisonni manneetii barnootaa Gabatee 2 keessatti lak. 5ffaafi 6ffaa irratti eeraman gonkumaa karoora torbee hin qopheeffatan; kanneen lak. 2ffaafi 3ffaa irratti eeraman immoo darbee darbee qofa kan qopheeffatan ta'uu qorattuun dubbii isaanii irraa hubattullee isaan garuu kuufachuu dhiisuu sababa godhatu.

Wanti guddaan, akkuma gabaticha irraa hubachuun danda'amu, karoora torbee kamiyyuu keessatti meeshaalee otentikiitti fayyadamuuf barsiisaan karoofate hinjiru. Ogbarruu adda addaa keessatti barnoonni meeshaalee otentikiitiin deeggaramuu akka qabu ibsamullee, kun gonkumaa ta'uu dhiisuun hir'ina guddaan jiraachuu kan agarsiisudha.

## 4.4. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii

Ragaaleen afgaaffiidhaan funaanaman barsiisotaafi barattoota irraa ta'uun durumaanuu eeramee ture. Ragaaleen gareewwan lammeen irraa dhiyaatan kopha kophaatti dhiyaachuun qaaccessamaniiru.

### 4.4.1. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Barsiisotaa

Qorannoo kanaaf ragaalee argachuuf meeshaan bu'uraa qorattuun itti fayyadamte afgaaffii barsiisota Afaan Oromoo Kutaa 10$^{ffaa}$ barsiisaniif qophaayedha. Lakkoofsi barsiisotaa manneetii barumsaa mootummaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaatti Afaan Oromoo kutaa 10 barsiisanii muraasa ykn kan afgaaffii waliin adeemsisuun danda'amu waan ta'eef, mara isaanii (digdamii tokkon isaanii) waliinuu qorattuun afgaaffii geggeessiteerti. Xiyyeeffannoon afgaaffii qophaayees barsiisonni afaanicha barsiisuu keessatti meesaalee otentikiitti fayyadamuu ykn fayyadamuu dhiisuu isaanii sababa waliin akka ibsan gochuudha. Gaaffiilee afgaaffii barsiisotaa Miiltoo C jala ilaaluun nidanda'ama.

Barsiisonni afgaaffii gaafataman martinuu (digdamii tokkonuu) meeshaa otentikiitti kan hin fayyadamne ta'uu himan. Kanaafis sababoota adda addaa dhiyeessan. Sababoonni isaan dhiyeessan bakka afur gurguddootti qooddaman. Sababni inni tokko kitaabichuu gahaadha waan ta'eef, waan dabalataa hin barbaachisu kan jedhudha. Barsiisota gaafataman 21 keessaa 3 sababa kana dhiyeessan.  Sababni inni lammaffaan dhiyaate meeshaalee otentikiitti fayyadamuun baasii

waan barbaachisuuf, sababa baasiitiif itti fayyadamuu hin dandeenyu kan jedhudha. Barsiisota gaafataman 21 keessaa 11 sababa kana dhiyeessan. Sababni sadaffaan immoo wayitii kitaabicha barsiisuuf ramadameen walqabata. Barsiisota gaafataman keessaa 6 wayitiin kitaabicha barsiisuuf torbeetti ramadame wayitii 2 (daqiiqaa 80) qofa waan ta'eef, wayitiin kenname kun kitaabichaayyuu waliin gahuuf rakkisaa waan ta'eef, kan dabalataa yaaduun hin danda'amu jedhan. Sababni afraffaan dhiyaate meeshaalee otentikii irratti hubannoo dhabuu barsiisotaatiin wal qabata. Barsiisota gaafataman keessaa, hamma qorattuun beektutti barsiistuun cimtuun takka, "Hubannoo meeshaa otentikii amma ati jettu kanaa waanan hin qabneef, itti yaadee hin beeku malee osoon hubannoo qabaadhee yoo xiqqaate meeshaalee otentikii salphumatti argamuu danda'anitti nan fayyadama ture" jette. Qoratttuunis yaada kana ni deeggarti. Barsiisonni baayyeen ifa ta'anii dubbachuu baatanillee, waayee meeshaalee otentikiifi faayidaa isaanii irratti hubannoon jiru gahaa hin fakkaatu.

Furmaata hanqina ittifayyadama meeshaalee otentikii ilaalchisee, gareen arfanuu yaada furmaataa mataa isaanii dhiyeessaniiru. Gareen "Kitaabichumtuu gahaadha" jedhe, kitaabni barataa haarofti dhiyeenya bahe haala gaariidhaan waan qophaayeef, meeshaa dabalataa hin barbaachisu yaada jedhu dhiyeessan. Garee lammaffaan (gareen meeshaa otentikiin baasii barbaachisa jedhu) immoo qaamni dhimmi ilaallatu baasii barbaachisu ramadeefi haala mijeessee barsiisota hojiitti galchuu qaba yaada jedhu dhiyeessan. Gareen wayitiin Afaan Oromootiif ramadame gahaa miti jedhu wayitiin 2 torbeetti akaakuu barnootaa kanaaf ramadame kun gara wayitii 3 ykn 4tti akka guddatu gaafatu. Barsiistuun hir'ina hubannoo akka sababaatti dhiyeessite immoo, qaamni dhimmi ilaallatu barsiisotaaf leenjii hubannoo kennee itti fayyadama meeshaalee otentikiitti nu galchuu qaba yaada jedhu dhiyeessite.

Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisuu keessatti meesaalee otentikiitti fayyadamuu ykn fayyadamuu dhiisuu isaanii sababa waliin akka ibsan gaafachuutti aansuun gaaffiileen dhiyaatan faayidaa ittifayyadama meeshaalee otentikii irratti xiyyeeffatantu dhiyaate.

Afaan Oromm barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiitti fayyadamuun faayidaa qabaachuufi dhiisuu ilaalchisee barsiisonni afgaaffii gaafataman martinuu (digdamii tokkonuu) kan fayyadu ta'uu ibsan. Marti isaanituu meeshaalee otentikiitti fayyadamauudhaan barsiisuun afaaniin itti himuurra qabatamaadhaan hawaasa keessa waan jiru sababa ijaan agarsiisufi gurraan dhageechisuuf, barattoonni jiruufi jireenya hawaasaa qabatamaadhaan akka hubatan taasisuun caalmaatti barnootaaf kaka'umsa itti hora jedhan.

Gabaabumatti, afgaaffiin barsiisota waliin taasisame barsiisonni manneetii barnootaa mootummaa Godina Addaa Magaalaa Admaatti Afaan Oromoo Kutaa 10^ffaa barsiisan meeshaalee otentikiitti fayyadamuun barsiisuun barbaachisaa ta'uu itt amananillee sababoota adda addaarraan kan ka'e kan itti hin fayyadamne ta'uu agarsiisa. Barsiisonni 3 (%14.29) kitaabni barataa haarofti dhiyeenya qophaayee hojjiirra oolaa jiru mataa isaatiin gahaa ta'uufi meeshaa dabalataa kan hin barbaachisne ta'uu akka sababaatti yemmuu dhiyeessan, barsiisonni 11 (%52.38) immoo hanqina bajataa meeshaalee otentikii qopheessuufi itti fayyadamuuf barbaachisu akka sababaatti dhiyeessan. Akkasumas barsiisonni 6 (%28.57) wayitiin ramadame kitaabichaayyuu barsiisanii fixuuf gahaaa ta'uu dhiisuu wayita sababeeffatan, barsiistuun 1(% 4.76) immoo hir'ina hubannoo dhabuu waayee meeshaalee otentikii irratti jiru akka sababaatti dhiyeessite. Sababoota meeshaalee otentikiitti akka hinfayyadamne isaan taasisan kanneeniifis qaamni dhimmi ilaallatu maalummaa meeshaalee otentikiifi faayidaa isaarratti leenjii qopheessuun hubannoo cimsuu akka qabu; bajata meeshaalee otentikii qopheessuuf barbaachisus ramaduu akka qabu; wayitiin kitaabichaaf ramadame

kitaabichaayyuu barsiisanii fixuuf waan hanqatuuf, wayitii dabalataa ramaduu akka qabu hubachiisaniiru.

### 4.4.2. Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Barattootaa

Xiyyeeffannoon afgaaffii barattoota waliin geggeessamee bakka lama gurguddootti qoqqooddamuu danda'u (Miiltoo D ilaaluun nidanda'ama). Gareen afgaaffiilee tokko (gaaffiileen 1-5) kan barsiisonni Afaan Oromoo wayita afaanicha barsiisan meeshaalee otentikiitti fayyadamuufi fayyadamuu dhiisuu isaanii sababa waliin akka ibsan gaafatani. Gareen afgaaffiilee lammaffaan (gaaffiilee 6-8) immoo faayidaa ittifayyadamni meeshaalee otentikii hojii barsiisuu keessatti qaburratti xiyyeeffatu.

Barattoonni Kutaa 10^ffaa^ manneetii barnootaa mootummaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaa keessatti baratan kanneen afgaaffiin waliin geggeeffame martinuu (jaatamii ja'anuu) barsiisonni Afaan Oromoo wayita afaanicha isaan barsiisan kitaaba barataatiin ala meeshaalee otentikiitti gonkuma kan hin fayyadamne ta'uu himan. Itti fayyadamuu dhiisuu barsiisotaa kanaafis sababoota adda addaa bakka afuritti qoqqooddamuu danda'an furmaata waliin kennaniiru.

Sababni tokkoffaan qaamni dhimmi ilaallatu, fakkeenyaaf, manni barumsaa bajata ramadee barsiisonni meeshaalee otentikii qopheessatanii akka itti fayyadaman haala hin mijeessine kan jedhudha. Barattoota afgaaffii deebisan keessaa 41 (%62.12) sababa kana kennan. Hanqina kanaafis yaanni furmaataa isaan kennan manni barumsaa (qaamni dhimmi ilaallatu) itti karoorfatee bajata ramadachuun barsiisonni meeshaalee otentikiitti fayyadamanii akka barsiisan gochuu qaba kan jedhudha. Sababni lammaffaan isaan kennan immoo barsiisonni waayee meeshaalee otentikiifi faayidaa isaanii irratti hubannoo waan qaban hin fakkatu kan jedhudha. Barattoota afgaaffii deebisan keessaa sababa kana kan kennan barattoota 7 (%10.60). Barsiisotaaf waayee meeshaalee

otentikiifi itti fayyadama isaa ilaalchisee leenjiin akka barbaachisu akka yaada furmaataatti kennaniiru. Sababni sadaffaan kenname xiqqeenya wayitii afaanicha barsiisuutiin wal qabata. Barattoota afgaaffii deebisan keessaa 8(%12.12) wayitiin kitaaba barataa Afaan Oromoo barsiisuuf ramadame torbeetti lama (daqiiqaa 80) qofa waan ta'eef, wayitii kenname keessatti kitaabichaayyuu barsiisanii xumuruun rakkisaadha jedhan. Kana ilaalchisees qaamni dhimmi ilaallatu wayitii afaanicha barsiisuuf ramadame irra deebi'ee ilaaluu qaba jedhan. Sababni afraffaan barattoota afgaaffii deebisan keessaa barattoota 10 (%15.15) kenname meeshaalee otentikiitti fayyadamanii barsiisuun waan baratamee miti jedhan. Barsiisonni itti fayyadama meeshaalee otentikii akka aadeffatan gochuurratti qaamni dhimmichi ilaallatu hojjechuu akka qabus ibsaniiru.

Faayidaa itti fayyadama meeshaalee otentikii ilaalchisee barattoonni afgaaffii guutan martinuu (jaatamii ja'anuu) meeshaalee otentikiitti faayidamanii barsiisuun bu'aa guddaa qabachuu himan. Meeshaalee otentikiin arga-dhageettii qabatamaan hawaasa keessatti hojiirra oolu waan dareetti fiduuf, barattoonni barumsa isaanii fedhiidhaan akka baratan kakaasaa jechuun cimsanii dubbatan. Keessumattuu barattoonni afaanicha sirriitti hin beekne arga-dhageettiin waraabbamee daree keessatti osoo dhiyaatefii fakkiiwuma ilaaluunuu yaada isaa hubachuudhaan barumsichaaf nu sissi'oomsa, fedhii barachuus nuuf cimsa ture jedhan.

Walumaagalatti, ragaaleen afgaaffii barattootaatiin argaman akka agarsiisanitti, akkuma ragaan afgaaffii barsiisotaatiin argame argisiise, barsiisonni Afaan Oromoo Kutaa 10$^{ffaa}$ afaanicha barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiitti hin fayyadaman. Sababoota barsiisonni meeshaalee kanneenitti hin fayyadamneefis wayita ibsan, qaamni dhimmi ilaallatu bajata barbaachisu ramaduun barsiisonni meeshaalee kanneenitti akka fayyadaman hin jajjabeessu; barsiisonni waayee meeshaa otentikiifi faayidaa isaarratti hubannoo waan qaban hin fakkaatan; meeshaalee otentikiitti fayyadamuun hin aadeffatamne; wayitiin afaanicha barsiisuuf kenname kitaabichaayyuu barsiisanii xumuruuf hin

ga’uu jedhan. Qaamni dhimmi ilaalu barsiisonni maalummaafi faayidaa meeshaalee otentikiirratti hubannoo akka qabaatan gochuu akka qabu; bajata meeshaalee otentikii barbaachisoo qopheessuun fayyadamuuf gargaaru ramaduun barsiisonni akka qophiifi ittifayyadama meeshaalee kanneenii aadeffatan gochuu akka qabuufi wayitiin ramadames kitaabichaayyuu xumuruuf waan xiqqaatuuf akka itti dabalu jechuun yaadota furmaataas kennaniiru.

## BOQONNAA SHAN

## CUUNFAA FI YABOO

### 5.1. Argannoowwan

Akkuma yaadatamu xiyyeeffannoon qorannoo kanaa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti ittifayyadamni meeshaalee otentikii jiraachuufi jiraachuu dhiisuufi ittifayyadamni meeshaalee otentikii hin jiru yoo ta’es sababa isaa fala waliin kaa’uudha. Ragaalee dhimma kanaaf barbaachisan argachuuf duraan dursuun kitaabni barataa ittifayyadama meeshaalee otentikiikii jajjabeessuufi dhiisuun isaa laallameera. Barsiisota waliin afgaaffii geggeessuun afaanicha barsiisuu keessatti meeshaalee otentikiitti fayyadamuufi dhiisuu isaanii, yoo hin fayyadamnes sababa waliin akka himan taasisameera. Dhugummaa ragaalee barsiisonni afgaaffiidhaan kennanii mirkaneeffachuuf karoorri torbee barsiisonni itti fayyadamanii bira darban kan samisteera tokkoo sakatta’ameera. Dhugummaa ragaalee afgaaffii barsiisotaatiin argame mirkaneeffachuuf barattoota waliinis afgaaffiin geggeessameera. Ragaalee tooftaalee eeraman kanneeniin argannoowwan itti aananii dhiyaatan irra ga’ameera.

1) Sakatta’iinsi Kitaaba Barataa Afaan Ormoo Kutaa $10^{\text{ffaa}}$ bara 2005 A.L.I qophaayee tajaajilaa jiru akka agarsiisutti kitaabicha keessatti gochaaleen muraasni barattoonni dhimma tokko tokkorratti hawaasa naannoo, keessumattuu beektota dhimmichi ilaallatu, bira dhaqanii afgaaffii waliin geggeessuun waan hubatan dareedhaaf barreeffamaan akka dhiyeessan ni gaafatu. Haala kanaan boqonnaa $3^{\text{ffaa}}$ keessatti gilgaala $3^{\text{ffaa}}$n, boqonnaa $6^{\text{ffaa}}$ keessatti gilgaala $5^{\text{ffaa}}$n, boqonnaa $9^{\text{ffaa}}$ keessatti gilgaala $6^{\text{ffaa}}$n, boqonnaa $10^{\text{ffaa}}$ keessatti gilgaala $3^{\text{ffaa}}$n, boqonnaa $11^{\text{ffaa}}$ keessatti gilgaala $3^{\text{ffaa}}$n, boqonnaa $13^{\text{ffaa}}$ keessatti gilgaala $6^{\text{ffaa}}$n, boqonnaa $14^{\text{ffaa}}$ keessatti gilgaalonni

2$^{ffaa}$fi 3$^{ffaa}$ Bn, boqonnaa 15$^{ffaa}$ keessatti gilgaalonni 3$^{ffaa}$fi 6$^{ffaa}$ Cn gochaalee otentikii kan jajjabeessan ta'uun argameera. Ta'ullee, gilgaalonni kunniin martinuu barattoonni waan gaafatanii argatan barreeffama qofaan akka dareef gabaasan gaafachuu malee, akka isaan arga-dhageettii argatan waraabanii dareef calaqqisiisan hin gafatan; osoo waraabbiin akka dareef dhiyaatu gaafatee otentikummaan gochaalee kanneenii caalaatti fooyya'aa ta'a ture. Kana malees, kitaabichi baratoota malee barsiisonni meeshaalee otentikii akka dareetti fidanii itti fayyadaman gonkumaa hin jajjabeessu.

Sakatta'iinsi karoorota barnoota torbees barsiisonni Afaan Oromoo Kutaa 10$^{ffaa}$ samisteera 1$^{ffaa}$ bara 2008 A.L.I qopheeffachuun itti fayyadamanii bira darban 147 barsiisonni meeshaalee otentikiitti fayyadamuuf karoorfatan kan hin jirre ta'uu agarsiisa.

2) Afgaaffiin barsiisota waliin geggeeffame barsiisonni Afaan Oromoo afgaafficha deebisan martinuu faayidaa meeshaalee otentikiitti fayyadamuudhaan barsiisuun qabu beekanillee, itti fayyadamaa akka hin jirre agarsiise. Itti fayyadamuu dhiisuu isaanitiifis sababoota gurguddoo afur himan. Barsiisota gaafataman 21 keessaa 3 kitaabichumtuu gahaadha jedhu; 11 bajanni meeshaalee otentikii qopheessuuf tajaajilu waan hin ramadamneef dhiisne jedhu; 6 wayitiin ramadame kitaabichaayyuu barsiisanii xumuruuf gahaa waan hin ta'iniif dhiisne jedhu; barsiistuun 1 immoo maalummaafi faayedaa meeshaalee otentikiirratti hubannoo dhabuurraan kan ka'e akka itti hin fayyadamin himte. Barsiisonni kunnuun qaamni dhimmi ilaallatu bajata meeshaalee otentikii qopheessuuf barbaachisu ramaduunifi waayee meeshaalee otentikiifi itti fayyadama isaarratti leenjii hubannoo gahaa kennee, wayitiis dabalee barsiisota jajjabeessuu akka qabu dubbatan.

Ragaaleen afgaaffii barattootaatiin argamanis ragaaleen barsiisonni kennan dhugaa ta’uu mirkaneessu ykn kan barattoonni kennan waliin wal fakkaatu. Barattoonni afgaaffii deebisan martinuu (66n isaanituu) barsiisonni isaanii meeshaalee otentikiitti fayyadamanii kan hin barsiisne ta’uu agarsiisu. Meeshaalee otentikiitti fayyadamuu dhiisuu barsiisotaa kanaafis sababoota gurguddoo afur kennan. Barattoota afgaaffii deebisan 66 keessaa 10 meeshaalee otentikiitti fayyadamuun barsiisuun hin baratamne jedhu; 41 qaamni ilaallatu qophii meeshaalee kanneeniitiif bajata hin ramadne jedhan; 7 barsiisonni meeshaalee otentikiifi itti fayyadama isaaniirratti hubannoo waan hin qabneef xiyyeeffannoo kennuufii dhiisan fakkaata jedhu; 8 immoo wayitiin kitaaba barataa barsiisuuf kenname (torbeetti wayitiin 2 ykn daqiiqaa 80) kitaabicha barsiisanii xumuruuf uu gahaa miti jedhan. Kanarraan kan ka’e,aamni dhimmi ilaallatu qophii meeshaalee otentikiif bajata ramadee, waayee meeshaalee kanneeniifi itti fayyadama isaanii irrattis leenjii kennee, wayitiis dabalee barsiisonni itti fayyadama meeshaalee otentikii akka aadeffatan gochuu qaba jedhan.

## 5.2. Yaboo

Sakatta’iinsa ogbarruu, qaaccessa ragaaleefi cuunfaa argannoowwanii irra ga’amanirratti hundaawuun yaboowwan kennuun barbaachisaadha. Obgarruun adda addaa afaan barsiisuu keessatti ittifayyadamni meeshaalee otentikii kan meeshaalee kalaqamanii caalaa bu’aqabeeyyii ta’uu ibsu. Bu’aqabeessuummaa isaanii irraan kan ka’e Allwright (1981) meeshaalee otentikiitti malee meeshaalee kalaqamanitti fayyadamtanii afaan hin barsiisinaa hamma jedhutti deema. Hayyuulee baayyeen immoo, faayedaawwan ittifayyadama meeshaalee kalaqamaniis ilaaluun, yoo xiqqaate meeshaalee gosa lamaanituu itti fayyadamuun barbaachisaa akka ta’e ibsu. Kun kanaan osoo jiru, manneetii barnootaa mootummaa Godina Addaa Magaalaa Adaamaa keessatti

barsiisonni Afaan Oromoo barattoota Kutaa 10ffaa wayita afaanicha barsiisan meeshaalee otentikiitti fayyadamaa akka hin jirre irra ga'ameera. Sababoonni isaan meeshaalee otentikiitti hin fayyadamneefis bajata meeshaalee otentikii qopheessuuf gargaaru dhabuu; waayee meeshaalee otentikiifi itti fayyadama isaanii irratti hubannoo dhabuurraan kan ka'e itti fayyadama isaanii aadeffachuu dadhabuufi; wayitiin ramadame kan meeshaa kalqamee dhiyaateyyuu (kitaaba barataatuu) xumuruuf hin geenye ta'uu isaati. Kanaafuu, barbaachisummaan ittifayyadama meeshaalee otentikii hubatameefi yoo xiqqaate meeshaa kalaqame meeshaa otentikiidhaan deeggaruun barbaachisaa ta'uun itti waliigalamee yaboowwan armaan gadii hojiirra ooluuqabu:

1) Biiroon barnootaaf, manneen barnootaa fi qaamoleen dhimmi ilaallatu biroo waayee meeshaalee otentikiifi itti fayyadama isaanii irratti leenjii hubannoo cimsu kennuun akka barsiisonni ittifayyadaman osoo taasisanii gaariidha;

2) Wayitiin Afaan Oromoo barsiisuuf ramadame lama (torbeetti daqiiqaan 80) meeshaa kalaqameeyyuu (kitaaba barataatuu) barsiisanii xumuruuf gahaa waan hin taaneef, osoo irra deebi'amee ilaallamee gaariidha;

3) Warri sirna barnootaafi kitaaba barataa Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa qopheessan barattoonni miseensota hawaasa naannoo haasofsiisuun odeeffannoo argatan barreeffamaan dareef akka dhiyeessan gochuu qofa osoo hin taane, waraabbii arga-dhageettiis dareetti fiduun akka irraa baratan osoo taasisanii;

4) Bajanni meeshaalee otentikii qopheessuuf gargaaru ramadamee barsiisonni meeshaalee otentikii qopheessanii akka itti fayyadaman osoo jajjabeessamee gaariidha;

5) Warri kitaaba barataa Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa qopheessan barattoota qofa osoo hin ta'in barsiisaanis hawaasa naannoo keessa galuun gochaaleefi meeshaalee otentikii akka qopheessan osoo taasisamee gaariidha.

## Wabiilee


Allright, R. (1981). Language…The Communicative Approach to Language Teaching. Oxford:…Material Writer‘s Guide.

Breen, M. (1985). Authenticity in the Language Classroom. Applied Linguistics, 6, 60-70

Byrne, D. (1987). Teaching Oral English. Longman Handbooks for Language Teachers

Clarke, D.F. (1989). Communicative Theory and its Influence on Materials production. *Language Teaching* 22(2):73-86.

Croin,J.(1983). Four Misconceptions about Authentic Learning. Educational leadership, 50(7), 78-80

Cunningworth,A.(1984). Evaluating and Selecting EFL Teaching Materials. Oxford: OUP

Field, J. (2008).listening in the language classroom.

Flowerdew, J. & Miller,L.(2005). Second Language Listening: Theory and Practice.Cambridge: Cambridge University press

Grellet, F., Maley, A. & Welssing, W. (1983). Quartet, Teacher's: Book2. Oxford: Oxford University Press

Guariento,W. & Morley,J(2001). Text and Task Authentic in the EFL Classroom. ELT journal, 55(4), 347-353

Harmer,J (1991). The Practice of English Language Teaching. London: Longman

Hedge, T. (2000). Teaching and Learning in the Language Classroom. Oxford: OUP

Jacobson, E., Degeners, S. & Purcell-Gates, V. (2003). Creating Authentic Materials and Activities for Adult Literacy Classroom. A Hand Book for Practitioners. NCSALL

Joy, J. (2011). The Duality of Authenticity in ELT. Journal of language and linguistics Studies, 7(2), 7-23

Kilickaya, F. (2004). Authentic Materials and Cultural Content in EFL Classrooms.

Kim,D.(2000). Aqualitative Research Approach to the Authenticity in the Foreign Language Classroom. ELT journal, 5(1), 189-205

Krashen,S.(1985). Second Language Acquisition and Second Language Learning. Oxford: Pergamon press

Lee,W.(995). Authenticity Revisited: Text Authenticity And Learner Authenticity. ELT journal, 49(4), 323-328

Lindsay,C. & Knight. (2006). Learning and Teaching English. Oxford: OUP

Martinez,A. (2002). Authentic Materials: An Overview. Krashen"s linguistic issues.

Miller, M. (2005). Improving Aural Comprehension Skills in EFL, Using Authentic Materials: experiment with university students in Nigata, Japan. Unpublished Master's Thesis, University of Surrey, Australia. Confrence, Hong Kong.

Mishan,F. (2005). Designing Authenticity into Language Learning Materials. Bristol:Intelect Ltd.

________ (1989). Designing task for communicative classroom. Cambrige: CUP

Morrow, K. (1977). Authentic Texts and ESP. In S. Holden (ED.). English for Specific Purposes.

Nunan, D. (1989). Understanding Language Classrooms: A Guide for Teacher – Initiated Action. London: Prentice - Hall

Peacock, M. (1997).The Effect of Authentic Materials on the Motion of EFL Learners. ELT journal, vol. 51(2),144-153

Phillips, M. K., and Shettlesworth. (1978).How to arm your students: A consideration of two approaches to providing materaials for ESP. In English for Specific Purposes. *ELT Documents 101*. London: ETIC Publications, British Council. 23-35.

Richards, J. (2001). Curriculum Development in Language Teaching. Cambridge: CUP

Swarbrick,A.(1994). Teaching Modern Languages. London & New York: Open University press

Tamlinson,B.(1989).Materials Development in Language Teaching. Cambridge: CUP

Taylor, D. (1994). Inauthentic Authenticity or Authentic Inauthenticity? TESL-EJ, 1(2).

Underwood, M. (1989). Teaching Listening. London: Longman

Wallace, J. (1992). A Frame Work for Task-Based Learning. Harlow: Longman

Widdowson, H.G. (1996). Comment: Authenticity and Autonomy in EFL. ELT journal, 50(1), 67-68

_____________ (1990). Aspects of language teaching. Oxford: OUP

Wilson, J. (2008). How to Teach Listening. Harlow: Pearson Education

Wong,V.,Kwok,P. &Choi,N.(1995). The Use of Authentic Material at Tertiary Level. ELT journal, 49(4), 318-322

## Miiltoowwan (Appendixes)

### A) Guca Sakatta'iinsa Kitaaba Barataa

YUNVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOOLOOJII ADAAMAATTI

MANA BARUMSAA HUUMAANITIIFI SEERAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO

Guca Sakkatta'iinsa Kitaaba Barataaakattaa

Gucni sakatta'iinsa kitaaba barataa kun kitaabni barataa Afaan Oromoo Kutaa 10$^{ffaa}$ itti fayyadama meeshaalee otentikii hayyamuufi dhiisuu isaa mirkaneeffachuuf akka gargaarutti kan qophaayedha.

| Lak. | Gocha ykn meeshaa otntikii kitaabicha keessatti argame | Boqonnaa | Gilgaala | Fuula |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |

**B) Guca Sakatta'iinsa Karoora Barnoota Torbee**

YUNVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOOLOOJII ADAAMAATTI

MANA BARUMSAA HUUMAANITIIFI SEERAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO

Guca Sakkatta'iinsa Karoora Barumsa Torbee

Gucni sakatta'iinsa karoora barumsa torbee kun barsiisonni Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa wayita Afaan Oromoo barsiisuuf karoorfatan meeshaalee otentikiitti fayyadamuuf karoorfachuufi dhiisuu isaanii mirkaneeffachuuf akka gargaarutti kan qophaayedha.

| Lakk. | Mana Barumsaa | Barsiisaa/ Barsiistuu | Boqannaa | Mataduree | Torbee Barnootaa | Meeshaalee Barnootaa hawaasa keessaa itti karoorfame |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |
| | | | | | | |

**C) Afgaaffii Barsiisotaaf**

YUNVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOOLOOJII ADAAMAATTI

MANA BARUMSAA HUUMAANITIIFI SEERAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO

Afgaaffii Barsiisonni AFaan Oromoo Akka Guutaniif Qophaaye

Hubachiisa:

Kabajamoo barsiisaa/barsiistuu Afaan Oromoo Kutaa 10$^{ffaa}$, afgaaffiin kun qorannoo xumura digirii lammaffaa geggeessuuf karoorfameef odeeffannoo barbaachisu argachuuf kan qophaayedha. Qulqullinniifi dhugummaan odeeffannoo isin afgaaffii kanaan naaf kennitan argannoo qorannoo kootiif baayyee murteessaadha. Kanaafuu, hamma danda'ametti odeeffannoo barbaaddame osoo hin dhoskiniifi irraa hin hir'isin naaf kennitu jedheen amana. Odeeffannoon isin naaf kennitan, kan iccitiin qabamuufi dhimma qorannoo kanaatiif qofa oolu ta'uu isaa gama kootiin waadaan gala. Gargaarsa isin afgaaffii kana deebisuun naaf gootaniif durseen isin galateeffadha. Galatoomaa!

I. Odeeffannoo Matayyaa (Personal Information)

i. Mana Barumsaa: ___________________________________

ii. Saala: Dhiira/Durba

iii. Sadarkaa barnootaa: ________________

iv. Tajaajila: ________________________

II. Odeeffannoo Itti Fayyadama Meeshaalee Otentikii

1. Afaan Oromoo wayita barsiistu, kitaaba barataatiin ala meeshaalee barnootaa biroo kan akka waan viidiyoodhaan waraabbamee, suuraalee adda addaaa, iyyannoo, gaazexaafii kkf (meeshaalee otentikii) itti ni fayyadamtaa?

2. Itti fayyadamta yoo ta'e, hammam itti fayyadamta?

   a) Yeroo mara      b) yeroo baayyee      C) Darbee darbee

3. Itti fayyadamta yoo ta'e, meeshaaleen otentikii ati fayyadamtu maalfaadha?

4. Itti hin fayyadamtu yoo ta'e, sababni ati itti hin fayyadamneef maali?

5. Furmaanni sababa ykn sababoota gaaffii $4^{ffaa}$f dhiyeessitee maali jettee yaadda?

6. Afaan Oromoo kutaa $10^{ffaa}$ barsiisuu keessatti kitaaba barataa biratti dabalataan wantoota qabatamaan hawaasa naannoo keessatti argaman kan akka gaazexaa, xalayaalee adda addaa, waraabbii arga-dhageettii adda addaa, iyyannoofi kkf (meeshaalee otentikii) itti fayyadamuun osoo barsiistee ni fayyada jettee yaaddaa?

7. Ni fayyada yoo jette akkamitti?

8. Walumaagalatti haala ittifayyadama meeshaalee otentikii ilaalchisee yaada dabalataa yoo qabaatte, kenni.

**D)Afgaaffii Barattootaaf**

YUNVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOOLOOJII ADAAMAATTI

MANA BARUMSAA HUUMAANITIIFI SEERAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO

Afgaaffii Barattoonni AFaan Oromoo Kutaa 10ffaa Akka Guutaniif Qophaaye

Hubachiisa:

Kabajamaa/kabajamtuu baratаa/barattuu Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa, afgaaffiin kun qorannoo xumura digirii lammaffaa geggeessuuf karoorfameef odeeffannoo barbaachisu argachuuf kan qophaayedha. Qulqullinniifi dhugummaan odeeffannoo ati afgaaffii kanaan naaf kennitu argannoo qorannoo kootiif baayyee murteessaadha. Kanaafuu, hamma danda'ametti odeeffannoo barbaaddame osoo hin dhoskiniifi irraa hin hir'isin naaf kennita jedheen amana. Odeeffannoon ati naaf kennitu, kan iccitiin qabamuufi dhimma qorannoo kanaatiif qofa oolu ta'uu isaa gama kootiin waadaan gala. Gargaarsa ati gama afgaaffii kana guutuutiin naaf gootuuf durseen si galateeffadha. Galatoomi!

I. Odeeffannoo Matayyaa (Personal Information)

i. Mana Barumsaa: ___________________________________

ii. Saala: Dhiira/Durba

iii. Umurii:________

II. Odeeffannoo Itti Fayyadama Meeshaalee Otentikii

1. Barsiisaan/barsiistuun Afaan Oromoo wayita Afaan Oromoo si barsiisu/barsiistu, kitaaba barataatiin ala meeshaalee barnootaa biroo kan akka waan viidiyoodhaan waraabbamee, suuraalee adda addaaa, iyyannoo, gaazexaafii kkf (meeshaalee otentikii) itti ni fayyadamuu?

2. Ni fayyadamu yoo ta'e, hammam itti fayyadamu?

a) Yeroo mara b) yeroo baayyee C) Darbee darbee

3. Ni fayyadamu yoo ta'e, meeshaalee otentikiin isaan itti fayyadaman maalfaadha?

4. Hin fayyadaman yoo ta'e immoo, sababni isaan itti fayyadamuu dhiisaniif maali jettee yaadda?

5. Osoo meeshaalee barnootaa hawaasa keessaa akka kan akka gaazexaa, xalayaalee adda addaa, waraabbii arga-dhageettii adda addaa, iyyannoofi kkf (meeshaalee otentikii) itti fayyadamuun si barsiisanii ni fayyada jettee yaaddaa?

6. Meeshaalee otentikiin afaanicha haala caalaatti hubatamuun barsiisuuf gargaaran maalfaadha jettee yaadda?

7. Ni fayyada yoo jette, akkamitti?

8. Walumaagalatti haala ittifayyadama meeshaalee otentikii ilaalchisee yaada dabalataa yoo qabaatte, kenni.

Ibsa

Ani qorattuun maqaan koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta’uusaa, kanan kanaan dura eessattiyyuu hindhiyeessin ta’uufi wabiileen itti fayyadame maddoonnin itti fayyadame seeraan galateeffamuu isaanii mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa: Asteer W/Sillaasee Waaqjiraa

Mallattoo: ____________________

Guyyaa: 15/10/2008 A.L.I

Ani akka gorsaa qorannoo kanaatti waraqaan qorannoo kun qormaataaf akka dhiyaatu mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa: _____________________________

Mallattoo: ____________________________

Guyyaa: _____________________________